# WANGEELA YOHAANNISI

## Dubbiin Foon Ta'uu Isaa

**1** Jalqabatti dubbiittu ture; dubbichis Waaqayyo wajjiin ture; dubbiin sunis Waaqayyo ture. [2]Innis jalqabatti Waaqayyo wajjiin ture.

[3]Wanni hundinuu isaan uumame; waan uumame hunda keessaas wanni isaan malee uumame tokkoyyuu hin turre. [4]Jireenni isa keessa ture; jireenni sunis ifa namootaa ture. [5]Ifti sun dukkana keessatti ni ibsa; dukkanichis isa hin moo'anne.

[6]Nama Waaqayyo biraa ergame kan maqaani isaa Yohaannis jedhamu tokkottu ture. [7]Innis akka namni martinuu amanuuf dhuga-baatuu[a] ta'ee waayee ifichaa dhugaa ba'uuf dhufe. [8]Waayee ifa sanaa dhugaa ba'uu dhufe malee inni mataani isaa ifa hin turre. [9]Ifichi inni dhugaani nama cufaaf ifa kennu sun gara biyya lafaa dhufaa ture.

[10]Inni biyya lafaa keessa ture; biyyi lafaa isaan uumame; biyyi lafaa garuu isa hin beenne. [11]Innis gara biyya isaa dhufe; sabni isaa garuu isa hin simanne. [12]Warra isa simatanii maqaa isaatti amananiif garuu ijoollee Waaqayyoo akka ta'an mirga kenneef. [13]Isaanis Waaqa irraa dhalatan malee dhiiga irraa yookaan fedhii foonii irraa yookaan fedhii dhiiraa irraa hin dhalanne.

[14]Dubbiin foon ta'e; innis ayyaanaa fi dhugaadhaan guutamee nu jidduu jiraate. Nus ulfinna isaa, ulfinna ilmi tokkichi Abbaa biratti qabu argineerra.

[15]Yohaannisis waayee isaa dhugaa ba'e; sagalee[b] isaas ol-fudhatee akkana jedhe; "inni kun isa ani waayee isaa, 'inni na duubaan dhufu na caala; inni na dura tureetii' jedhe sanaadha. "[16]Guutama isaa irraas hundi keenya ayyaana irratti ayyaana arganneerra. [17]Seerri karaa Muuseetiin kennameetii; ayyaannii fi dhugaani garuu karaa Yesuus Kiristoosiitiin dhufe. [18]Eenyuyyuu takkumaa Waaqa hin argine; garuu ilma isaa tokkicha isa Abbaa isaa bira jiru sanattu isa beessise.

## Yohaannis Cuuphaan Akka Ufii Isaatii Kiristoos Hin Ta'in Dubbate

[19]Yommuu yihuudonni lubootaa fi Leewota Yerusaalemi Yohaannisitti erganii, "ati eenyu?" jedhanii gaafachiisanitti dhuga-ba'umsi Yohaannis kenne akka kanaa gaditti jiruu dha; [20]Innis, "ani Kiristoosii miti" jedhee muldhinnaan dhugaa ba'e malee dhugaa ba'uu hin dhiifne.

[a]7ykn *dhugeessituu /rageessituu,*
[b]15 ykn *qoonqoo /qoonqa*

[21]Isaanis, "yoos ati eenyu ree? Eliyaas moo?" jedhanii isa gaafatan.

Innis, "ani isaa miti" jedhee deebiseef.

Isaanis, "yoos ati raajichaa[c] ree?" jedhaniin.

Inni immoo, "lakkii[d] "jedheen.

[22]Isaanis, "ati eennu ree? akka warra nu ergetti himnuuf ati waayee kee maal jetta?" jedhaniin.

[23]Yohaannisis deebisee, "akkuma Isaayyaas raagichi dubbate sana ani qoonqa nama lafa onaa[e] keessaa, 'gooftaaf karaa qajeelchaa' jedhee iyyuu ti " jedheen.

[24]Fariisonni ergaman tokko tokkos, [25]Akkana jedhanii isa gaafatan; "ati erga Kiristoos yookaan Eliyaas yookaan raagicha ta'uu baattee maaliif cuuphxa ree?"

[26]Yohaannis ammoo akkana jedhee deebiseef; "ani bishaaniin nan cuupha; namni isin hin beenne tokko garuu isin jidduu dhaabatee jira. [27]Innis isa na duubaan dhufuu dha; hidhaa kophee isaallee hiikuuni naaf hin malu."

[28]Kun hundi Yordaanos gama bakka[f] Yohaannis itti cuuphaa ture Biitaaniyaa keessatti ta'e.

### Yesuus Hoolaa Waaqayyoo

[29]Guyyaa itti aanutti Yohaannis otoo Yesuus gara isaa dhufuu argee akkana jedhe; "ilaa hoolaa Waaqayyoo kan cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu! [30]Inni ani, 'inni na duubaan dhufu na caala; inni na dura tureetii' jedhee waayee isaa dubbadhe sun isa kana. [31]Ani mataani kiyyayyuu isa hin beenne ture; sababiini ani bisaaniin cuuphaa dhufeef garuu akka inni saba Israa'eliitti muldhifamuuf."

[32]Itti fufees Yohaannis akkana jedhee dhugaa ba'e; "Ani otoo hafuurri akka gugeetti[g] samii irraa gadi bu'ee isa irra qubatuu nan arge. [33]Inni akka ani bisaaniin cuuphuuf na erge sun 'namichi ati otoo hafuura gadi bu'ee isa irra qubatuu argitu, sun, isa hafuura Qulqulluudhaan cuuphuu dha' jedhee otoo natti himuu baate aniyyuu isa hin beeku ture. [34]Anis argeera; akka inni ilma Waaqayyoo ta'es dhugaa ba'eera."

### Barattoota Yesuusi Warra Jalqabaa

*1:40-42 Kwf ⇒ Mat 4:18-22; Mar 1:16-20; Luq 5:2-11*

[35]Guyyaa itti aanutti Yohaannis barattoota isaa keessaa namoota lama waliin dhaabachaa ture. [36]Innis otoo Yesuus achi irra dabruu argee, "ilaa hoolaa Waaqayyoo!" jedhe.

[37]Barattoonni lamaan isaa waan kana dubbatu dhagayanii Yesuusin hordofan. [38]Yesuusis gargalee ilaalee isa hordofuu isaanii

[c]23 ykn *raaga sunii;* [d]21 ykn *hiyyoo;* [e]23 ykn *aloo/ hadiyyoo;* [f]28 ykn *fulaa;* [g]32 ykn *saphaliisaatti/handariitti*

argee, "isin maal barbaaddu?" jedheen.

Isaanis, "rabbii, eessa jiraatta?" jedhaniin. Rabbii jechuuni barsiisaa jechuu dha.

**39**Innis, "koottaa ilaalaa" jedheen

Isaanis dhaqanii eessa akka inni jiraatu argan; gaafa sanas isa wajjiin oolan; yeroon sunis gara sa'aatii kudhanii ture.

**40**Warra waan Yohaannis dubbate dhagayanii Yesuus faana bu'an keessaa inni tokko Indiriyaas obboleessa Simoon Pheexiroosi ture. **41**Innis duraan dursee obboleessa isaa Simoonin argatee, "nu Masiihii arganneerra" jedheen; Masiihii jechuun Kiristoos jechuu dha. **42**Indiriyaasis Simoonin gara Yesuusitti fide.

Yesuusis isa ilaalee, "ati Simoon ilma Yohaannisi Keefaa jedhamtee ni waamamta" jedheen. Keefaa jechuuni Pheexiroos[h] jechuu dha.

### Yesuus Filiphoosii Fi Naatinaa'elin Waamuu Isaa

**43**Yesuusis guyyaa itti aanutti Galiilaa dhaquu barbaade; innis Filiphoosin argee, "na hordofi" jedheen.

**44**Filiphoosis akkuma Indiriyaasii fi akkuma Pheexiroosi nama magaalaa[i] Beet-Sayidaa ture. **45**Filiphoos Naatinaa'elin argee," isa Muuseen kitaaba seeraa keessatti waayee isaa barreesse fi isa raagonnis waayee isaa barreessan, Ilma Yooseefi, Yesuus nama Naazireeti arganneerra" jedheen.

**46**Naatinaa'elis, "Naazireet keessaa wanni gaariin bawuu ni danda'aa?" jedhee gaafate.

Filiphoosis, "koottuu ilaali" jedheen.

**47**Yesuusis otoo Naatinaa'el gara isaa dhufuu argee, "ilaa, nama Israa'eli isa dhugaa, kan sobni keessa hin jirre" jedhee waayee isaa dubbate.

**48**Naatinaa'elis, "ati eessatti na beetta?" jedhee gaafate.

Yesuusis, "otoo Filiphoos si hin waamin dura yeroo ati muka harbuu[j] jala turtettin si arge" jedheen.

**49**Naatinaa'elis, "yaa barsiisaa, ati ilma Waaqayyoo ti! ati mootii Israa'eli" jedheen.

**50**Yesuusis akkana jedheen, "ati sababii ani muka harbuu jalatti si arge siin jedheef amantaa[k]? Waan kana caaluyyuu arguuf jirta." **51**Innis itti ida'ee, "ani dhuguman isiniin jedha; samiin banamee otoo Maleekkonni Waaqayyoo ilma namaa irra ol-ba'anii gadi bu'anuu ni argitu" jedheen.

[h]42 *afaan Arama'ikkiitiin keefaa, afaan Girikkiitiin Pheexroos jechuuni qarsaa jechuudha;* [i]44 ykn *dira;* [j]48 ykn *odaa;* [k]50 ykn *dhugeeffattaa*

## Yesuus Bishaani Gara Daadhii Wayiniitti Jijjiiruu Isaa

2 Guyyaa sadaffaatti kutaa Biyya Galiilaa magaalaa[l] Qaanaa keessa jila[m] fuudhaa fi heerumaattu ture; Haatii Yesuusiis achi turte. [2]Yesuusii fi barattoonni isaa gara jila sanaatti waamamanii turan. [3]Yommuu Dadhiini wayinii dhumetti haatii Yesuusi, "jarri dadhii wayinii hin qaban" isaan jette.

[4]Yesuusis deebisee, "dubartiinana! maal godhi naan jetta? Yerooni koo ammallee hin geenye" jedheen.

[5]Haati isaas tajaajiltootaan[n], " waan inni isinitti himu mara godhaa" jette.

[6]Gaaniiwwan dhagaa ja'a sirna[o] qulqulleessu Yihuudotaatiif achi dhaabamanii turan; tokkoon tokkoon isaaniis gara liitiroo 75 hanga 115 qabata ture.

[7]Yesuus tajaajiltootaan, "gaaniiwwanitti bishaan guutaa" jedhe; isaanis hanga afaan gaaniiwwaniitti guutan.

[8]Innis, "egaa budduussaatii abbaa cidhaatti kennaa" jedheen.

Isaanis akkasuma godhan. [9]Abbaan cidhaas bishaan gara daadhii wayiniitti jijjiirame sana dhandhamatee ilaale; daadhiini wayinii sun eessaa akka dhufe tajaajiltoota bishaan waraabanittu beeka malee abbaan cidhaa sun hin beeku ture. Innis dhiirsa misirroo[p] kophaatti waamee, [10]Akkana jedheen; "namni cufti daadhii wayinii isa gaarii jalqabatti dhiyeessee, eegii keessumoonni quufanii booddee immoo daadhii isa laafaa dhiyeessa; ati garuu daadhii gaarii hanga ammaatti tursite."

[11]Yesuus milikkitoota[q] isaa keessaa isa jalqabaa kana biyya Galiilaa keessatti magaalaa Qaanaatti hojjate; ulfinna isaas ni muldhise; barattoonni isaas isatti amanan.

## Yesuus Mana Qulqullummaa Qulqulleessuu Isaa

*2:14-16 Kwf ⇒ Mat 21:12,13; Mar 11:15-17; Luq 19:45, 46*

[12]Kana booddee haadha isaa, obboleeyyan isaatii fi barattoota isaa waliin Qifirnaahomitti gadi bu'e. Isaanis bultii gabaabduu achi turan.

[13]Yesuusis waan faasikaan Yihuudotaa dhiyaateef Yerusaalemitti ol-ba'e; [14]Mana qulqullummaa keessattis warra sangoota, hoolotaa fi gugeewwan[r]

[l]1 ykn *dira;* [m]1 ykn cidha*;* [n]5 ykn *hojjattootaan/ gololchituun;* [o]6 ykn *aadaa;* [p]9 ykn *Abbaa fuudhaa;* [q]11 ykn milikkeetota/malkatoota; [r]14 ykn *saphaliisa/ handarii*

**2:1** *Cidha fuudhaafi heerumaa* - Cidhi ( jiltii) fuudhaafi heerumaa torban tokko guutuu fudhata ture.

gurguranii fi warra horii wal-
jijjiiran arge. 15 Innis qaccee quncee
dha'atee sangootaa fi hoolota
hundumaa mana qulqullummaa
keessaa ari'e; horii warra beesaa
jijjiiraniis bittinneesse; minjaala[s]
isaaniis ni garagalche. 16 Warra
gugee gurguraniinis, "kana hun-
dumaa asii baasaa! Mana Abbaa
kiyyaa mana daldalaa hin godhi-
naa!" jedhe.
17 Yeroo kana barattoonni isaa,
"hinaaffaan mana keetii na gug-
guba" jedhamee akka barreeffame
qaabatan.
18 Yihuudonnis deebisanii, "kana
cufa hojjachuuf akka aangoo[t]
qabdu mirkaneessuuf milikkita
maalii nutti agarsiifta?" jedhanii
isa gaafatan.
19 Yesuusis, "isin mana qulqul-
lummaa kana diigaa; ani immoo
guyyaa sadiitti deebisee nan ijaara"
jedheen.
20 Yihuudonnis deebisanii, "mana
Qulqullummaa kana ijaaruuni
waggaa afurtamii ja'a fudhate; ati
immoo guyyaa sadii keessatti
ijaartaa?" jedhaniin. 21 Manni
qulqullummaa kan inni waayee
isaa dubbate sun garuu nafa isaa
ti. 22 Eega inni du'aa ka'ee bood-
dees barattoonni isaa waan inni
dubbatee ture sana yaadatan;
isaanis kitaabaa fi dubbii
Yesuus dubbate amanan.
23 Yeroo inni ayyaana Faasi-
kaatiif jedhee Yerusaalem turetti
namoonni baay'eeni milikkita inni
hojjate arganii maqaa isaatti
amanan. 24 Yesuus garuu waan
nama hunda beekuuf, amanee
isaanitti of-hin kennine. 25 Akka
namni tokkoyyuu waayee namaa
isaaf dhugeessu isa hin bar-
baachifne; inni waan nama keessa
jiru beeka tureetii.

### Yesuus Niqoodimoosin Barsiisuu Isaa

3 Fariisota keessaas namicha
Niqoodimoos jedhamu
bulchaa Yihuudotaa tokkottu
ture; 2 Innis halkaniin Yesuus bira
dhaqee, "yaa barsiisaa, ati barsiisaa
Waaqa biraa dhufte akka taate nu
beenna; nama Waaqni isa waliin
jiru malee namni milikkita ati
hojjattu kana hojjachuu danda'u
tokkoyyuu hin jiruutii" jedheen.
3 Yesuusis deebisee, "ani dhug-
uman sitti hima; namni yoo lammata
dhalate malee mootummaa Waaqa-
yyoo arguu hin danda'u" jedheen.
4 Niqoodimoosis, "namni erga
dulloomeen duubatti akkamitti
dhalachuu danda'a? Dhalachuuf
jedhee lammata garaa[u] haadha
isaa keessa seenuu danda'aa?"
jedhee gaafate.
5 Yesuusis akkana jedhee deebiseef,
"ani dhuguman sitti hima; namni
bisaanii fi Hafuura Qulqulluu irraa
dhalachuu baannaan mootummaa
Waaqayyootti galuu hin danda'u.
6 Kan foon irraa dhalate inni
foon; kan Hafuura irraa dhalate
garuu Hafuura. 7 Isa ani, 'ati lammata

[s]15 ykn *gabatee/miiljaloo;* [t]18 ykn *guddinna;* [u]4 ykn *gadameessa/saaba*

dhalachuu qabda ' siin jedhe hin dinqifatin[v]. **8**Qilleensi gara fedhetti qilleensa'a; atis huursuu isaa dhageetta malee akka inni eessaa dhufee fi akka inni garamitti deemu hin beettu; Namni Hafuura irraa dhalate hundinuus akkanuma."

**9**Niqoodimoosis, "kun akkamitti ta'uu danda'a?" jedhee gaafate.

**10**Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "ati otoo barsiisaa Israa'eli taatee jirtuu waan kana hin beettuu? **11**Ani dhuguman sitti hima; nu waan beennu dubbanna; waan argines ni dhugeessina[w]; isin garuu dhugeessuu keenya hin fudhattan. **12**Yommuu ani waayee waan biyya lafaa isinitti himu erga hin amanne, yommuu ani waayee waan samii irraa isinitti himu akkamitti amantu ree? **13**ilma namaa isa samii irraa gadi bu'e malee eennuyyuu samiitti ol hin baane. **14**Akkuma Muuseeni lafa aloo[x] keessatti bofa fannise sana ilmi namaas fannifamuu qaba. **15**Kunis akka namni isatti amanu cufti jireenya barabaraa qabaatuuf.

**16**Akka namni isatti amanu marti jireenya barabaraa qabaatuuf malee akka hin banneef, Waaqayyo hanga ilma isaa tokkicha kennutti akka malee addunyaa jaalateeraatii. **17**Sababiini Waaqayyo ilma isaa gara biyya lafaatti ergeef, biyya lafaatti muruuf otoo hin ta'in, karaaa ilma isaatiin biyya lafaa fayyisuuf. **18**Nama isatti amanutti hin muramu; kan isatti hin amanne garuu waan inni maqaa tokkicha ilma Waaqayyootti hin amaniniif ammumayyuu itti murameera. **19**Murtiin sunis isa kana; ifni gara biyya lafaa dhufe; namoonni garuu waan hujiin isaanii hamaa tureef ifa caalaa dukkana jaalatan. **20**Namni waan hamaa hojjatu hundinuu ifa jibba; akka hujiin isaa ifatti hin baaneefis gara ifaa hin dhufu. **21**Namni dhugaa hojjatu hundinuu garuu akka hujiin isaa Waaqayyoon hojjatamuuni isaa muldhatuuf gara ifaa dhufa."

### Yohaannis Cuuphaan Waayee Yesuusi Dhugaa Ba'uu Isaa

**22**Kana booddee Yesuusii fi barattoonni isaa gara biyya Yihuudaa dhaqan; innis isaan wajjiin achi ture; ni cuuphas ture. **23**Yohaannisis naannoo Saalemi bakka[y] Heenoon jedhamutti ni cuupha ture; bishaan baay'een achi ture; Namoonnis achi dhaqanii cuuphamu turan. **24**Kunis otoo Yohaannis mana hidhaatti hin galfamin ta'e. **25**Yommus barattoota Yohaannisiitii fi Yihuudii tokko jidduutti waayee sirna[z] qulqulleessuu irratti wal - mormiin uumame. **26**Isaanis Yohaannis bira dhufanii, "yaa barsiisaa, namichi sii waliin

[v]7 ykn *hin maadeffatin /hin ajaa'ibsiifatin;* [w]11 ykn *dhugaa-baana/ rageessina;* [x]14 ykn *onaa;* [y]23 ykn *fulaa;* [z]25 ykn *aadaa*

Yordaanos gama ture, kan ati waayee isaa dhugaa baate sun kunoo cuuphuutti jira; namni cuftis gara isaa dhaquutti jira" jedhaniin.

[27]Yohaannisis akkana jedhee deebise; "namni waan samii irraa isaaf kenname qofa fudhachuu danda'a, [28]'ani Kiristoosii miti; garuu isa dura nan ergame' jedhee akka ani dubbadhe isin mataan keessaniyyuu dhugaa naa baatu. [29]Misirrooni[a] tan dhiirsa misirrooti; miinjeeni[b] inni dhiirsa misirroo tajaajiluu fi isa dhageeffatu, yommuu sagalee[c] dhiirsa misirroo dhaga'utti akka malee gammada; gammachuuni sun kan kooti; gammachuuni koos amma guutuu ta'eera. [30]Inni guddachuu qaba; ani immoo diqqaachuu qaba.

[31]Kan olii dhufu inni waan hundumaa oli; inni lafaa immoo kanuma lafaa ti; waanuma lafaa dubbatas. Inni samii irraa dhufu garuu waan hundumaa oli. [32]Inni waan argee fi waan dhaga'e rageessa; ragaa isaa garuu eenyuyyuu hin fudhatu. [33]Namni ragaa kana fudhates akka Waaqayyo dhugaa ta'e mallattoodhaan[d] mirkaneesse. [34]Inni Waaqni erge dubbii Waaqaa dubbata; Waaqnis safara[e] malee Hafuura isaa nikennaatii. [35]Abbaan ilma ni jaalata; waan cufas harka isaatti kenneera. [36]Namni Ilmatti amanu jireenna barabaraa qaba; namni ilmatti hin amanne garuu dheekkamsa Waaqayyoottu isa irra jiraata malee jireenna hin argu.

### Yesuusiifi Dubartii Samaariyaa Tokko

4 Fariisonni akka Yohaannisin caalaa Yesuus Barattoota baayyifachaa, cuuphaas ture dhagayan. [2]Ta'us barattoota isaattu cuuphaa ture malee Yesuus ufii- saatii hin cuuphne. [3]Gooftaanis yommuu waan kana beeketti Yihuudaa dhiisee ammas Galiilaatti deebi'e.

[4]Innis Samaariyaa keessa dabruu qaba ture. [5]Kanaaf gara magaalaa[f] Samaariyaa kan Siikaar jedhamu tokkoo dhufe; magaalaani sunis lafa Yaaqoob ilma isaa Yooseefiif kenne sanatii dhiyoo dha. [6]Eelli[g] bishaanii kan Yaaqoobi tokko achi ture; Yesuusis waan karaa deemuudhaan dadhabeef eela bishaanii sana bira taa'e; yeroon isaas gara sa'aatii ja'affaa ture.

[7]Dubartiin[h] Samaariyaa tokkos bishaan waraabbachuu dhufte; Yesuusis, "waan ani dhugu naa kenni" jedheen. [8]Barattoonni isaa nyaata bituuf gara magaalaa dhaqanii turaniitii.

[9]Dubartiin Samaariyaa sunis Yesuusiin, "ati otoo Yihuudii

[a]29 ykn *intalti fuudhani /ashooni;* [b]29 ykn *jaalli abbaa fuudha;* [c]29 ykn *qoonqoo /qoonqa;* [d]33 ykn *milikkeetaan;* [e]34 ykn *kiila;* [f]5 ykn *dira;* [g]6 ykn *boolli;* [h]7 ykn *niitiini*

taatee jirtuu akkamitti waan
dhuddu ana dubartii Samaariyaa
kadhatta?" jetteen; Yihuudonni
warra Samaariyaa wajjiin walii
galtee hin qaban tureetii.
**10**Yesuusis deebisee, "kennaa
Waaqaatiifi inni, 'waan ani dhugu
naa kenni' siin jedhu kun eennu
akka ta'e otoo beettee silaa sittu
isa kadhata ture; innis bisaan
jireennaa sii kenna ture" jedheen.
**11**Dubartittiinis, akkana jetteen;
"yaa gooftaa; ati waan ittiin
waraabbattu hin qabdu; eelli kunis
gad fagoo dha[i], bisaan jireennaa
eessaa argatta? **12**Ati abbaa keenya
Yaaqoob isa eela kana nuu kenne
caalta moo? Inni mataan isaa,
ijoollee isaatiifi horiin isaa eeluma
kana keessaa dhugaa turan."
**13**Yesuusis akkana jedhee deebise;
"namni bishaan kana dhugu
hundinuu deebi'ee ni dheebota;
**14**Garuu namni bishaan ani isaaf
kennu dhugu kamiyyuu matumaa[j]
hin dheebotu; bishaan ani isaaf
kennu isa keessatti burqaa bishaanii
isa jireenya barbaraatiif burqu ni
ta'a."
**15**Dubartittiinis, "yaa gooftaa,
akka ani hin dheebonneef, bishaan
waraabuufis akka ani asitti hin
dedeebineef bishaan sana naa
kenni" jetteen.
**16**Yesuusis, "dhaqiitii dhiirsa
kee waamii koottu !" jedheen
**17**Ishiin immoo, "ani dhiirsa hin
qabu" jetteen.
Yesuusis akkana jedheen; "dhiirsa
hin qabu jechuun kee sirrii[k] dha.
**18**Ati kanaan dura dhiirsa shan
qabda turte. Namichi amma si
waliin jirus dhiirsa keetii miti.
Wonni ati amma dubbate dhuguma."
**19**Dubartittiinis akkana jette; "yaa
Gooftaa, akka ati raajaa[l] taate
nan hubadha. **20**Abbootiini keenya
tulluu kana irratti sagadaa turan;
Isin Yihuudonni garuu bakki[m]
namni itti Waaqeffachuu qabu
Yerusaalem jettu."
**21**Yesuusis akkana jedheen;
"dubartiinana, na amani; yeroon
isin itti tulluu kana irrattis ta'u
yookaan Yerusaalemitti Abbaa
hin Waaqeffanne tokko ni dhufa.
**22**Isin waan hin beenne Waaqeffattu;
nu garuu sababii fayyinni Yihuudota
keessaa dhufuuf waan beennu
Waaqeffanna. **23**Warri dhugaan
Waaqeffatan yerooni isaani itti
Hafuuraa[n] fi dhugaan Abbaa
Waaqeffatan tokko ni dhufa;
ammayyuu dhufeera; Abbaanis
warra dhugaan isa Waaqeffatan
kanneen akkanaa barbaada.
**24**Waaqni Hafuura; warri isa
Waaqeffatanis Hafuuraa fi
dhugaadhaan Waaqeffachuu qabu."
**25**Dubartittiinis, "Akka masiihiin
inni Kiristoos jedhamu dhufu
nan beeka; innis yommuu dhufutti
waan cufa nutti hima" jetteen.

[i]11 ykn *liixxoo;* [j]14 ykn *akkanallee jedhee;* [k]17 ykn *dhuguma;*[l]19 ykn *raaga;* [m]20 ykn *fulaani;* [n]23 ykn *ayyaanaafi*

26Yesuusis, "ani namni amma sitti
dubbachaa jiru kun isuma" jedheen.

**Barattoonni Gara Yesuusitti Deebi'uu Isaanii**

27Yoosuma barattoonni isaa
deebi'anii dhufan; Yesuusis dubartii
tokko wajjiin otoo dubbatuu arganii
ajaa'ibsiifatani[o]. Garuu namni,
“maal barbaadda?" yookaan
"maaliif ishii wajjiin haasofta?"
jedhee isa gaafate tokkolleen
hin turre.
28Dubartiin sunis okkotee[p] ishii
dhiiftee gara magaalaatti deebite;
namootaanis akkana jette; 29"koo-
ttaatii nama waan ani hojjadhe
mara natti hime tokko ilaalaa!
tarii[q] inni Kiristoos ta'innaa?"
30Isaanis magaalaa keessaa bahanii
Yesuus bira dhufan.
31Yommus barattoonni isaa, "yaa
barsiisaa, mee waa nyaadhu!"
jedhanii isa kadhatan.
32Inni garuu, "ani nyaata nyaadhu
qaba; isinis isa hin beettan"
jedheen.
33Barattoonni isaas, "namattu
nyaata fideefii laata?" jedhanii
wal-gaafatan.
34Yesuusis akkana jedheen;
"nyaanni kiyya fedhii isa na ergee
guutuufi hujii isaa raawwachuu[r]
dha. 35Isin, 'ji'a afurittu hafe;
sana booddee midhaan walitti
qabama' jettuu mitii? Kunoo, ani
isinitti hima; akka midhaani
bilchaatee walitti qabamuu ga'e
mee ol-jedhatii oobruu[s] ilaalaa!
36Inni midhaan haamu mindaa[t] ni
argata; firii[u] midhaanichaas jireenya
barabaraatiif walitti ni qaba;
kunis akka inni facaasuu fi inni
walitti qabu waliin gammadaniif.
37Kanaaf mammaaksi, 'inni tokko
ni facaasa; kaan immoo ni haama'
jedhu sun dhugaa dha. 38Ani
akka isin waan itti hin dadhabin
haamtaniif isin erge; warri kaan
itti dadhabaniiru; isin garuu bu'aa
dadhabbii isaanii walitti qabattan"

**Namoonni Samaariyaa Baay'eeni amanuu Isaanii**

39Sababii dubartittiin, "inni waan
ani hojjadhe hundumaa natti hime"
jettee dhugaa baateef[v] namoonni
Samaariyaa warri magaalaa sanaa
baay'een isatti amanan. 40Kanaaf
namoonni Samaariyaa yommuu
gara isaa dhufanitti akka inni
isaan wajjiin turuuf isa kadhatan;
innis guyyaa lama achi ture.
41Sababii dubbii isaatiinis namoonni
biraa[w] baayeen isatti amanan.
42Isaanis dubartittiidhaan, "ammaan
achi wanni nu amannuuf sababii
dubbii ati nutti himte sanaatiifii
miti; nu mataani keennayyuu isa
dhageenneerraatii. Akka inni
dhugumaan fayyisaa addunyaa

[o]27 ykn *maadeffatan /dinqifatan;* [p]28 *hiikkaani tokko tokko buttee jedha;* [q]29 ykn *gaafiin;* [r]34 ykn *hojjachuu;* [s]35 ykn *maasii/maasaai;* [t]36 ykn *gatii dadhabbii;* [u]36 ykn *midhaan;* [v]39 ykn *dhugeessiteef/ rageessiteef;* [w]41 ykn *dhibiini*

ta'es beenneerra" jedhan.

### Yesuus Ilma Qondaala Tokkoo Fayyisuu Isaa

43Guyyaa lamaaani sana duubatti Yesuus Galiilaa dhaqe; 44Yesuus mataani isaayyuu akka raagni tokko biyya isaa keessatti ulfinna hin qabne dubbatee tureetii. 45Yommuu inni Galiilaa ga'ettis warri Galiilaa isa simatan; isaanis sababii Jerusaalem turaniiif waan inni yeroo ayyaana faasikaatti achitti hojjate cufa arganii turan.

46Yesuus deebi'ee gara Qaanaa ishii Galiilaa keessaa bakka itti bishaan gara daadhii wayiniitti jijjiiree ture sanaa dhaqe; Qondaalli ilmi isaa dhukkubsate[x] tokkos Qifirnaahom keessa ture. 47Namichi kunis akkaYesuus Yihuudaadhaa ka'ee Galiilaa dhufe yommuu dhagahetti isa bira dhaqee, ilma isaa isa du'uu ga'e sana akka isaaf fayyisu kadhate.

48Kanaaf Yesuus, "isin yoo milikkitaa fi dinqii argitan malee hin amantan!" jedheen.

49Qondaaltichis,"yaa gooftaa, maaloo otoo mucaan kiyya hin du'in dafii naa dhaqqabi" jedheen.

50Yesuusis, "ilmi kee fayyeeraatii gali!" jedheen.

Namichis waan Yesuus isatti dubbate amanee deeme. 51Otoo inni deemaa jiruus tajaajiltoonni[y] isaa itti dhufanii akka ilmi isaa fayye itti himan.52Innis yeroo itti mucaa isaatti wayyaa'e gaafate; isaanis, "kaleessa[z] sa'aatii torbaffaatti nafa gubaani[a] isa dhiise" jedhaniin.

53Abbaan mucichaas akka yeroon sun yeroo Yesuus itti, "ilmi kee fayyeera" jedheen ta'e hubate; innis, warri mana isaa martinuus ni amanan. 54Egaa Yesuus erga Yihuudaadhaa Galiilaatti deebi'ee booddee, kanaan walitti milikkita lammaffaa hojjachuu isaa ti.

### Yesuus Beetzaataatti Dhukkubsataa Fayyisuu Isaa

5 Kana booddee[b] ayyaana Yihuudotaattu ture; Yesuusis Yerusaalemitti ol-ba'e. 2Yerusaalem keessa karra hoolaa bira haroo afaan Ibraayisxiittiin Beetzaataa jedhamu tokkottu jira; haroon sun gardaafoo[c] shan qaba. 3Gardaafowwan sana keessas namoonni dhukkubsatan[d], jechuunis jaamonni, warri hokkolanii fi warri laamsha'an[e] baay'een ciisanii raafama bishaanii eegachaa turan. 4Maleekkaan Gooftaa yeroo yerootti gadi bu'ee bishaanicha ni raasa ture; raafama bishaanichaatiin duubatti namni jalqabatti bishaan sana keessa seenu kamiyyuu dhukkuba cufa irraa ni fayya ture. 5Namichi waggaa soddomii

[x]46 ykn *fayyaa dhabe;* [y]51 ykn *hojjattoonni;* [z]52 ykn *kalee;* [a]52 ykn *oowwii nafaa* [b]1 ykn *duubatti;* [c]2 ykn *balbala/ buusaa/daasii;* [d]3 ykn *warri fayyaa hinqabne*

saddeeti dhukkubsate tokko bakka[f]
sana ture. 6Yesuusis yommuu
isaa achi ciisu argee akka inni
yeroo dheeraa haala kana keessa
ture beeketti "ati fayyuu barbaa-
ddaa?" jedhee gaafate.

7Dhukkubsataani sunis, "yaa
Gooftaa, ani nama na gargaaree
yommuu bishaanichi raafamutti
haroo sana keessa na buusu hin
qabu; yeroo ani seenuuf yaaluttis
namni dhibiini[g] na dursee seena"
jedheen.

8Yesuusis, "ka'i! afata kee
fudhadhuutii deemi!" jedheen.
9Namichis yeruma sana fayye;
afata isaas fudhatee deeme.

Guyyaani sunis Sanbata ture.
10Yihuudonnis, namicha fayye
sanaan, "Hardha sanbata; kanaaf
afata kee baachuun siif hin
eeyyamamu" jedhaniin.

11Inni garuu, "namicha na
fayyisettu 'afata kee fudhadhuu
deemi' naan jedhe" jedheen.

12Isaanis, "namichi afata kee
fudhadhuu deem siin jedhe sun
eenyu?" jedhanii isa gaafatan.

13Sababii Yesuus achi hiiqee
namoota bakka sanatti tuutta'an
keessa seenee tureef namichi
fayye sun eenyu akka isa fayyise
hin beenne.

14Yesuusis ergasii namicha sana
mana qulqullummaa keessatti argee,
"ati kunoo amma fayyiteerta;
rakkinni kana caalu akka sitti hin
hindhufneef ammaan achi cubbuu
hin hojjatin" jedheen. 15Namichis
dhaqee kan isa fayyise Yesuus
akka ta'e Yihuudotatti hime.

### Jireenna Ilmi Kennu

16Sababii inni guyyaa sanbataatiin
waan kana hojjateef,Yihuudonni
Yesuusin gaargalchaa[h] turan.
17Yesuus garuu, "Abbaan kiyya
hanga hardhaatti hojjachaa jira;
anis hojjachaan jira" isaaniin
jedhe. 18Seera Sanbataa cabsuu
isaa qofa otoo hin ta'in sababii
inni ofii isaa Waaqaan wal-
qixxeessuudhaan Waaqni Abbaa
kiyya jedheef Yihuudonni ittuma
caalchisanii isa ajjeesuu barbaadan.

19Yesuusis akkana jedhee deeb-
iseef; "ani dhuguman isinitti hima;
ilmi ufii isaatiin waan tokkollee
hojjachuu hin danda'u; inni
waanuma otoo abbaan isaa hojj-
atuu argu qofa hojjachuu danda'a;
sababiinsaa wanuma Abbaan
hojjatu ilmis hojjataatii. 20Abbaani
ilma ni jaalataatii; waan hojjatu
hundumas isatti ni argisiisa;
akka isin maadeffattaniifis inni
waan kana caaluyyuu isatti ni
argisiisa. 21Akkuma Abbaan warra
du'an cufa du'aa kaasee, jireenya
kennuuf ilmis akkasuma nama
jaalatuuf jireenya ni kenna.
22Abbaani eenyuttillee hin muru;
murtii cufa garuu ilmatti kenneera;

[e]3 ykn *nafii irratti du'e;* [f]5 ykn *fulaa;* [g]7 ykn *biraa;* [h]16 ykn *ariyachaa/ baqachiisaa*

23Kunis akka namni cufti
akkuma Abbaaf ulfinna kennutti
ilmaafis ulfinna kennuuf; namni
ilmaaf ulfinna hin kennine, Abbaa
isa ilma ergeefis ulfinna hin kennu.

24"Ani dhuguman isinitti hima;
namni dubbii kiyya dhagawu,
isa na ergettis kan amanu[i] hundi
jireenna barabaraa qaba; isattis
hin muramu; inni du'a jalaa gara
jireenyaatti dabreera. 25Ani
dhuguman isinitti hima; yeroon
warri du'an itti sagalee[j] ilma
Waaqayyoo dhagaayan tokko ni
dhufa; ammumayyuu dhufeera;
warri dhagayanis ni jiraatu.
26Akkuma Abbaan ufii isaatiin
jireenna qabu ilmis akkasuma
akka ufii isaatiin jireenna qabaa-
tuuf isaaf kenneeraatii. 27Sababii
inni Ilma Namaa ta'eefis akka
inni murtii kennuuf Abbaani
aangoo[k] isaaf kenneera.

28"Isa kana hin dinqifatinaa[l];
yeroon warri awwaala keessa
jiran cufti itti sagalee dhagayan
tokko ni dhufaatii. 29Warri waan
dansaa hojjatan du'aa ka'iisa
jireennaatiifi, warri waan hamaa
hojjatan immoo du'aa ka'iisa
murtiitiif awwaala keessaa ni
ba'u. 30Ani ofii kiyyaan waan
tokkollee gochuu hin danda'u;
ani akkuma dhagawutti nan
murteessa; ani fedhii isa na ergee
malee fedhii mataa kiyyaa waan
hin raawwanneef murtiin kiyya
qajeelaa dha.

**Dhuga- Ba'iisa Waayee Yesuusi**

31"Ani yoo waayee ofii kiyyaa
dhugaa ba'e[m], dhuga-ba'iinsi kiyya
dhugaa miti. 32Garuu kan waayee
kiyya dhugaa ba'u dhibiini jira;
anis akka dhuga-ba'iinsi inni
waayee kiyya kennu sun dhugaa
ta'e beeka.

33"Isin gara Yohaannisiitti namoota
ergitanii turtan; innis, dhugaa
sanaaf, dhugaa bayeera. 34Kunis
ani dhuga-ba'iisa namaa nan
fudhadha jechuu miti; Garuu
akka isin fayyitaniif kana nan
dubbadha. 35Yohaannis ibsaa
boba'ee ifa kennu ture; isinis
yeroo xiqqoo ifa isaatti gammaduu
barbaaddan.

36"Ani garuu dhuga-ba'iisa
dhugaa ba'iisa Yohaannisi sana
caalu qaba; hujiini akka ani
raawwadhuuf Abbaan natti kenne,
kan ani ammayyuu hojjachaa
jiru kun, akka Abbaan na erge
mirkaneessaatii. 37Abbaan koo
inni na erges ofii isaatii waayee
koo dhugaa ba'eera; isin takkumaa
qoonqa isaa hin dhageenye; bifa
isaas takkumaa hin argine. 38Isin
waan isa inni erge hin amaniniif
dubbiin isaa isin keessa hin
jiraatu. 39Isin Kitaabota qulqull-
uudhaan jireenya barabaraa arganna

[i]24 ykn *dhugeeffatu;* [j]25 ykn *qoonqoo/ qoonqa;* [k]27 ykn *guddinna;* [l]28 ykn *hin maadeffatinaa/hin ajaa'ibsiifatinaa;* [m]31 ykn *dhugeesse /rageesse*

jettanii waan yaaddaniif kitaabota sana qorattu; isaaniyyuu waayee kiyya dhugaa ba'u. **40**Isin garuu jireenya argachuuf gara kiyya dhufuu hin barbaaddan.

**41**"Ani nama irraa galata hin fudhadhu. **42**Garuu akka isin jaalala Waaqayyoo of-keessaa hin qabne nan beeka. **43**Ani maqaa Abbaa kiyyaatiin dhufeera; isin garuu na hin simattan; otoo namni biraa maqaa ufiitiin dhufee garuu isa ni simattu. **44**Isin yoo wal-irraa ulfinna argattanii ulfinna isa Waaqa tokkicha biraa dhufu garuu hin barbaanne akkamitti amanuu danddeettu ree?

**45**"Waan ani Abbaa duratti isin himadhu hin se'inaa; kan isin himatu tokko jira; Innis Muusee isin abdattan sana. **46**Otoo Muusee amantanii, anas ni amantu ture; inni waayee kiyya barreesseetii. **47**Isin erga waan inni barreesse hin amanne dubbii kiyya immoo akkamitti amantu ree?"

## Yesuus Nama Kuma Shani Sooruu Isaa

*6:1-13 Kwf ⇒ Mat 14:13-21, Mar 6:32-44; Luq 9:10 -17*

**6** Yesuusis kana booddee[n] gama galaana Galiilaa isa galaana Xibriyaadoosi jedhamuutti ce'e[o]. **2**Namoonni baay'eenis sababii milikkita[p] inni warra dhukkubsatan[q] fayyisuudhaan argisiise arganiif isa hordofan. **3**Yesuusis barattoota isaa waliin gaaratti ol-bahee taa'e. **4**Yeroo sana ayyaanni Yihuudotaa, faasikaan dhiyaatee ture.

**5**Yesuusis ija[r] isaa ol-fudhatee otoo namoonni hedduun gara isaa dhufanuu arge; Filiphoosiinis, "namoota kanneeniif buddeena isaan nyaatan eessaa binna?" jedhe. **6**Kanas Filiphoosin qoruudhaaf jedhee gaafate; inni mataan isaa waan gochuu qabu beeka tureetii.

**7**Filiphoosis deebisee, "akka tokkoon tokkoon isaanii xiqqoo xiqqoollee argataniif yoo buddeenni diinaarii dhibba lamaa bitamellee hin gawu" jedheen.

**8**Barattoota isaa keessaa tokko Indiriyaas, obboleessi Simoon Pheexiroosi akkana jedheen; **9**"gurbaan buddeena garbuu shanii fi qurxummii lama qabu tokko as jira; garuu kun saba akkana baay'atu kana akkamitti gaha?"

**10**Yesuusis, "namoota teessisaa" jedhe. Bakka[s] sanas marga[t] baayeettu ture; namoonnis ni tataa'an; Lakkoobsi isaaniis dhiira gara kuma shanii ture. **11**Yesuusis eega buddeena sana fuudhee Waaqa galateeffatee booddee warra tataa'aniif hanga isaan barbaadan hire; qurxummii sanas akkasuma godhe.

**12**Innis eegii namoonni Nyaatanii quufanii booddee barattoota

[n]1 ykn *duubatti;* [o]1 ykn *taakke;* [p]2 ykn *malkata/milikkeeta;* [q]2 ykn *fayyaa hinqabne;* [r]5 ykn *ila*

isaatiin, "akka wonnii tokkoyyuu hin banneef hurraa'aa[u] hafe walitti qabaa" jedhe. 13Isaanis hurraa'aa buddeena garbuu shananii isa warra nyaatan irraa hafe sana gundoo kudhanii lama guutuu walitti qaban.

14Namoonnis Yommuu baasa Yesuus hojjate arganitti, "kun dhugumaanuu raajaa[v] gara addunyaa dhufuuf jiru" jedhan.
15Yesuusis akka namoonni sun dhufanii humnaan qabanii mootii isa gochuu yaadan hubatee ammas kophaa isaa gaaratti jalaa miliqe.

### Yesuus Bishaan Irra Deemuu Isaa

*6:16-21 Kwf ⇒ Mat 14:22-33; Mar 6:47-51*

16Yommuu lafti galgalooftetti barattoonni isaa gara galaanaatti gadi bu'an. 17Isaanis bidiruu[w] yaabbatanii galaana irra gama Qifirnaahomitti ce'uuf ka'an. Yeroon sun dukkana ture; Yesuus ammallee gara isaanii hin dhufne ture.
18Bubbeeni jabaani isaa waan bubbisaa tureef galaanichi ni raafame. 19Isaanis erga gara kiiloo meetira shanii yookaan ja'aa mooqanii[x] booddee otoo Yesuus galaana irra deemaa, bidiruu sanatti dhiyaachaa jiruu argan; ni sodaatanis. 20Inni garuu, "anumaatii hin sodaatinaa!" jedheen. 21Isaanis bidiruu irratti ol-isa fudhachuu barbaadan; garuu bidiruun sun yoosuma bakka dhaqaa turan sana gahe.

22Guyyaa itti aanutti namoonni galaanicha gamatti hafanii turan akka bidiruun tokko qofti achi ture, akka barattoonni isaa kophaa isaanii deemaniifi akka Yesuusis isaan waliin bidiruu hin yaabbatin hubatan. 23Haa ta'uu malee bidiruuwwan dhibiin[y] Xibriyaadoosii ka'anii bakka itti gooftaan Waaqa galateeffateefi, namoonnis itti buddeena nyaatan sana bira ga'aniiru. 24Namoonni sunis akka Yesuus yookaan barattoonni isaa achi hin jirre, yommuu baranitti bidiruuwwan yaabbatanii Yesuusin barbaaduuf Qifirnaahom dhaqan.

### Yesuus Buddeena Jireennaa

25Isaanis yommuu galaanicha gamatti isa arganitti, "yaa barsiisaa, ati yoom asi dhufte?" jedhanii isa gaafatan.

26Yesuusis akkana jedhee deebise; "ani dhuguman isinitti hima; isin waan milikkita argitaniif otoo hin ta'in, waan buddeena nyaattanii quuftaniif na barbaaddu. 27Nyaata jireenna barabaraatiif jiraatu kan ilmi namaa inni Waaqni Abbaan chaappaa isaa isa irratti mallatteesse[z] sun isinii kennuuf dadhabaa malee nyaata baduuf hin dadhabinaa.

[s]10 ykn *fulaa;* [t]10 ykn *buuyyoo ;* [u]12 ykn *caccabaa /hambaa ;*[v]14 ykn *raaga;* [w]17 ykn *hoboloo;* [x]19 ykn *dhawatanii/laaqanii;* [y]23 ykn *biraa/ibaa;* [z]27 ykn *irra kaaye*

**28**Isaanis, "nu akka hujii Waaqayyoo hojjannuuf maal gochuu qamna?" jedhanii gaafatan.

**29**Yesuusis, "isa inni ergetti amanuun keessan kuniyyuu hujii Waaqayyoo ti "jedhee deebiseef.

**30**Kanaaf isaan akkana jedhanii isa gaafatan; "akka nu isa arginee si amannuuf, milikkita maalii argisiifta? Maal hojjattas? **31**'akka nyaataniif Samii irraa buddeena isaaniif kenne' jedhamee akkuma barreeffame, abbootiin keenya lafa onaatti[a] mannaa nyaatan."

**32**Yesuusis akkana jedheen; "ani dhuguman isinitti hima; kan samii irraa buddeena isinii kenne Muusee miti; kan samii irraa buddeena dhugaa isiniif kennu garuu Abbaa kiyya. **33**Buddeenni Waaqaa isa samii irraa gadi bu'ee, biyya lafaatiif jireenna kennu sanaatii."

**34**Isaanis, "yaa gooftaa, yeroo cufa buddeena kana nuu kenni" jedhaniin.

**35**Yesuusis akkana isaaniin jedhe; "buddeenni jireenyaa ana; namni gara kiyya dhufu matumaa[b] hin beela'u; kan anatti amanus matumaa hin dheebotu. **36**Akkuma ani isinitti hime isin na argitaniirtu; garuu ammumayyuu hin amantan. **37**Kan Abbaan naa kennu marti gara kiyya ni dhufa; anis kan gara kiyya dhufu of irraa hin ari'u. **38**Ani fedhii isa na erge sanaa raawwachuuf[c] malee, fedhii ufii kiyyaa raawwachuuf samii irraa gad hin buunee. **39**Fedhiin isa na ergees akka ani warra inni natti kenne hunda guyyaa dhumaatti du'aa kaasuuf malee akka ani isaan keessaa tokkollee balleessuufii miti. **40**Fedhiin Abbaa kiyyaas akka namni ilma ilaalee isatti amanu cufti jireenna barabaraa qabaatuuf; anis guyyaa dhumaatti du'aa isa nan kaasa."

**41**Kanaaf Yihuudonni sababii inni, "ani buddeena samii irraa gadi bu'ee dha" jedheef isatti gungumuu jalqaban. **42**Isaanis; "kun Yesuus isa nu abbaa isaatii fi haadha isaa beennu ilma Yooseefi sanaa mitii? Yoos akkamitti, 'ani samii irraa gadi bu'e' jedha ree?" jedhan.

**43**Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "walitti hin gunguminaa. **44**Abbaani na erge sun isa harkisuu baannaan namni kamiyyuu gara kiyya dhufuu hin danda'u; anis guyyaa dhumaatti du'aa isa nan kaasa. **45**Raagota keessatti, 'isaan cufti warra Waaqa irraa baratan nita'u' jedhamee barreeffameera. Namni Abbaa irraa dhaga'ee fi kan isa irraa barate cufti gara kiyya ni dhufa. **46**Isa Waaqa biraa dhufe sana malee namni tokkoyyuu Abbaa hin argine;

[a]31 ykn *alootti;* [b]35 ykn *akkanallee jedhee;* [c]38 ykn *guutuuf*

Isa qofattu Abbaa arge. 47Ani dhuguman isinitti hima; kan amanu martinuu jireenya barabaraa qaba. 48Buddeenni jireennaa ana. 49Abbootiini keessan lafa aloo keessatti mannaa nyaatan; garuu ni du'an. 50Buddeenni samii irraa gadi bu'e garuu isa kana; namni isa nyaatu matumaa hin du'u. 51Buddeenni jiraataan samii irraa bu'e ana. Namni kamiyyuu yoo buddeena kana irraa nyaate barabaraan ni jiraata. Buddeeni ani jireenya biyya lafaatiif kennus foon kiyya."

52Yihuudonnis, "Namichi kun akkamitti akka nu nyaannuuf foon isaa nuu kennuu danda'a?" jedhanii waliin morman.

53Yesuusis akkana jedheen; "ani dhuguman isinitti hima; isin foon Ilma Namaa nyaachuu baannaan, dhiiga isaas dhuguu baannaan ufii keessanii jireenya hin qabdan. 54Namni Foon kiyya nyaatuu fi dhiiga kiyya dhugu hundi jireenna barabaraa qaba. Anis guyyaa dhumaatti du'aa isa nan kaasa. 55Foon kiyya nyaata dhugaatii; dhiigni kiyyas dhugaatii dhugaati. 56Namni Foon kiyya nyaatuu fi dhiiga kiyya dhugu cufti na keessa jiraata; anis isa keessa nan jiraadha. 57Akkuma Abbaan jiraataan na ergee, anis sababii Abbaatiin jiraadhu sana, namni na nyaatus sababii kiyyaan ni jiraata. 58Buddeenni samii irraa bu'e isa kana; innis kan akka mannaa Abbootiin keessan nyaatanii du'an sanaatii miti; namni buddeena kana nyaatu garuu barabaraan ni jiraata." 59Innis Qifirnaahomitti otoo mana sagadaa keessatti barsiisaa jiruu waan kana dubbate.

**Barattoonni Baay'een Yesuusin Dhiisanii Baqachuu Isaanii**

60Barattoota isaa keessaa baay'eeni yommuu waan kana dhagayanitti, "barsiisni kun cimaa dha; eenyuttu fudhachuu danda'a?" jedhan.

61Yesuusis akka barattoonni isaa waayee waan kanaa gunguman hubatee akkana jedheen; "kun isin gufachiisaa ree? 62Yoos yoo ilmi namaa bakka duri turetti otoo ol-ba'uu argitan akkam ta'inna ree? 63Kan jireenna kennu Hafuura[d]; Foon faayidaa hin qabu; Dubbiin ani isinitti dubbadhe Hafuura; jireennas. 64Isin keessas warri hin amanne tokko tokko jiru." Yesuus jalqabumaa kaasee isaan keessaa eennu akka hin amaniniifi eennu akka dabarsee isa kennu ni beeka tureetii. 65Innis ittuma fufee, "sababiin ani 'yoo Abbaa biraa isaaf kenname malee namni tokkolleen gara kiyya dhufuu hin danda'u' isiniin jedheefis kanuma" jedhe.

[d]63 ykn *Ayyaana*

66Kana booddees barattoota
isaa keessaa baay'eeni duubatti
deebi'an; eegasiis isa wajjiin hin
deemne.
67Yesuusis warra kudhanii lamaa-
niin, "isinis deemuu barbaadduu?"
jedhe.
68 Simoon Pheexiroosis akkana
jedhee deebise; "yaa gooftaa, gara
eenyuu dhaqnaa? ati dubbii
jireenya barabaraa qabdaa. 69Nu
akka ati Kiristoos, ilma Waaqa
jiraataa taate ni amanna; ni beennas."
70Yesuusis deebisee, "ani kudhanii
lamaan keessaniyyuu filadheeraa
mitii? Isin keessaa inni tokko garuu
Daabiloos" jedhe. 71Innis waayee
Yihuudaa ilma Simoon Asqoroo-
tichaa dubbate; Yihuudaani warra
kudhanii lamaan keessaa tokko
ta'us Yesuusin dabarsee kennuuf
jiraatii?

### Yesuus Ayyaana Daasii Irratti Argamuu Isaa

7 Kana booddee[e] Yesuus Galiilaa
keessa dedeebi'aa ture; sababii
Yihuudonni isa ajjeesuu barbaa-
daniif inni Yihuudaa keessa hin
dedeebine. 2Ayyaanni daasii[f]
Yihuudotaa dhiyaatee ture. 3Obbol-
eeyyan isaas akkana jedhaniin;
"akka barattoonni kee waan ati
hojjatu arganiif ka'iitii Yihuudaa
dhaqi. 4Namni otoo Muldhinnatti
beekamuu barbaaduu dhossaatti
waa hojjatu hin jiruutii; Atis
sababii waan kana hojjattuuf
addunyaatti of-muldhisi." 5Obbo-
leeyyan isaalleen isatti hin amanne[g]
tureetii.
6Yesuusis akkana jedheen; "yeroon
kiyya ammallee hin geenne; isiniif
garuu yeroon cufti mijaawaadha.
7Addunyaan isin jibbuu hin danda'u;
ani garuu akka hujiin isaa hamaa
ta'e waan itti dhugeessuuf na
jibba. 8Isin ufii keessanii gara
ayyaana[h] sanaa dhaqaa; ani garuu
waan yeroon kiyya ammallee hin
ga'iniif gara ayyaanichaatti ol
hin bawu." 9Innis waan kana
isaanitti dubbatee Galiilaatti hafe.
10Garuu erga obboleeyyan isaa
gara ayyaanichaatti ol ba'anii
booddee innis otoo muldhinnaan
hin ta'in dhossaan ol-ba'e. 11Yihuu-
donnis ayyaanicha irratti, "namichi
sun eessa jira?" jedhanii gaafac-
haa isa barbaadaa turan.
12Namoota jidduuttis waayee
isaa gungummii guddaattu ture;
namoonni tokko tokko, "inni nama
gaarii dha" jedhan.
Warri kaan immoo, "akkasii
miti; inni karaa irraa nama
jallisa" jedhan.13Garuu waan
Yihuudota sodaataniif namni
tokkolleeni muldhinnaan
waayee isaa hin dubbanne.

### Yesuus Ayyaana Yihuudotaa Irratti Barsiisuu Isaa

14Gara walakkaa ayyaanichaattis

[e]1 ykn *duubatti;* [f]2 ykn *hoosaa;* [g]5 ykn *hin dhugeeffanne*; [h]8 ykn *jila*

Yesuus mana qulqullummaa seenee barsiisuu jalqabe. **15**Yihuudonnis, dinqifatanii[i], "namichi kun akkamitti otoo hin baratin beekumsa akkanaa qabaate?" jedhan.

**16**Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "barsiisni kiyya kan isa na ergee ti malee kiyyaa miti. **17**Namni fedhii Waaqayyoo raawwachuu[j] barbaadu martinuu barsiisni kun Waaqa biraa dhufuu fi dhufuu baachuu isaa yookaan ani ofuma kiyyaan dubbachuu fi dubbachuu baachuu kiyya ni beeka. **18**Namni ufuma isaatiin dubbatu inni ufuma isaatii ulfinna argachuu barbaada; namni ulfinna kan isa erge sanaa barbaadu garuu inni nama dhugaa ti; sobnis isa keessa hin jiru. **19**Muuseen seera isinii kenneeraa mitii ? Isin keessaa garuu namni tokkoyyuu seera sana hin eegu; isin maaliif na ajjeesuu barbaaddu?"

**20**Jarris deebisanii, "jinniittu si keessa jira; eenyuttu si ajjeesuu barbaada?" jedhaniin.

**21**Yesuusis deebisee akkana jedheen; "ani hujii baasaa tokko hojjannaan hundi keessan ajaa'ibsiifattan. **22**Muuseeni seera gadoomaa[k] isinii kenne; gadooma garuu abbootiittu jalqabe malee Muusee miti; isinis guyyaa Sanbataa nama gadoomsitu. **23**Akka seerri Muusee hin cabneef eega namni tokko guyyaa Sanbataatiin gadoomuu danda'ee, isin maaliif sababii ani guyyaa sanbataatiin nafa namaa guutuu fayyiseef jettanii natti aartu? **24**Murtii qajeelaa kennaa malee, bifa qofa ilaaltanii hin murteessinaa."

### Yesuus Kun Kiristoos Moo?

**25**Kanaaf namoota Yerusaalemii keessaa tokko tokko akkana jedhan; "inni kun namicha isaan ajjeesuuf barbaadan sanaa mitii? **26**Kunoo inni ifatti ba'ee dubbata; isaanis womaa isaan hin jenne; Abbootiin aangoo[l] akka inni Kiristoos ta'e sirriitti[m] beekaniiruu laata? **27**Ta'us namichi kun nama eessaa akka ta'e nu beenna. Kiristoos yommuu dhufutti garuu inni eessaa akka dhufu namni tokkolleen hin beeku."

**28**Yommus Yesuus otoo mana qulqullummaa keessatti barsiisuu sagalee[n] isaa ol-fudhatee akkana jedhe; "isin na beettu; akka ani eessaa dhufes beettu; ani ufii kiyyaan hin dhufne; inni na erge sun dhuga-qabeessa; isin garuu isa hin beettan. **29**Ani garuu isa biraa dhufe; isattu na erges; kanaafis ani isa beeka."

**30**Kanaaf isa qabuu barbaadan; garuu waan yeroon isaa hin ga'iinif namni tokkolleeni harkaan isa hin tuqne. **31**Ta'us namoonni baay'een isatti amanan; isaanis,

[i]15 ykn *maadeffatanii /ajaa'ibsiifatanii;* [j]17 ykn *guutuu;* [k]22 ykn *dhagna qabaa/ qabaan- qabaa;* [l]26 ykn *jabeennaa;* [m]26 ykn akkuma dansaa; [n]28 ykn *qoonqoo/ qoonqa*

"Kiristoos yommuu dhufutti milikkita[o] namichi kun argisiise caalu ni argisiisaa laata?" jedhan.

32Fariisonnis otoo namoonni waayee isaa waan akkanaa gungumanuu dhagayan. Luboonni hangafoonnii[p] fi Fariisonni Yesuusin qabsiisuuf eegdota mana qulqullummaa ergan.

33Yesuusis akkana jedheen; "Ani yeroo gabaabaa isin waliin jira; kana booddee gara isa na erge sanaa nan dhaqa. 34Isinis na barbaaddu; garuu na hin argattan; bakka[q] ani jirus dhufuu hin dandeettan."

35Yihuudonnis akkana waliin jedhan; "namichi kun akka nu isa hin argineef eessa dhaquu yaade laata? gara saba keenna warra Giriikota keessa faffaca'anii dhaqee Giriikota barsiisuu barbaade moo? 36'Isin na barbaaddu; garuu na hin argattan; bakka ani jirus dhufuu hin dandeettan' jechuun isaas maal jechuu isaa tii?"

37Guyyaa ayyaanichi itti raawwatu, guyyaa guddaa sana, Yesuus ka'ee dhaabatee qoonqa guddaan akkana jedhe; "eenyulleen yoo dheebote, gara kiyya dhufee haa dhuguu. 38Akkuma Kitaabni jedhe nama natti amanu cufa bisaan jireenyaattu garaa isaa keessaa burqa." 39Kunis waayee Hafuura Qulqu- lluu[r] kan warri isatti amanan argachuuf jiranii dubbachuu isaa ti; sababii Yesuus ammallee ulfinna hin argatiniif Hafuuri Qulqulluun hanga yeroo sanaatti hin kennamne tureetii.

40Namoota sana keessaa tokko tokko yommuu dubbii kana dhagayanitti, "kun dhugumaanuu raagicha[s] " jedhan.

41Warri kaan[t] immoo, "inni Kiristoos " jedhan.

Namoonni kaanis akkana jedhan; "Kiristoos Galiilaadhaa dhufaa? 42Akka Kiristoos sanyii Daawiti keessaa dhalatuu fi akka inni magaalaa[u] Daawiti Beetliheemii dhufu Kitaabni ni dubbataa mitii?" 43Kanaafis waayee isaa irratti garaagarummaan isaan jidduutti uumame. 44Isaan keessaas tokko tokko isa qabuu barbaadan; garuu namni tokkoyyuu harkaan isa hin tuqne.

### Amanuu Diduu Dura-Bu'oota Yihuudotaa

45 Kana booddee eegdonni sun gara luboota hangafaatii fi gara Fariisotaatti deebi'an; isaanis, "maaliif isa fiddanii hin dhufne?" jedhanii eegdota sana gaafatan.

46Eegdonnis, "namni tokkoyyuu akka namicha kanaatti dubbatee hin beeku" jedhanii deebisan.

47Fariisonnis deebisanii akkana

[o]31 ykn *malkata/milikkeeta ;* [p]32 ykn *qaallolee gugurdoo;* [q]34 ykn *fulaa;* [r]39 ykn *Ayyaana Woyyuu;* [s]40 ykn *raajicha;* [t] 41ykn kuuwwan; [u]42 ykn *dira*

jedhan, "isinis ni gowwoomse
jechuu dha? 48 Abbootii aangoo
keessaa yookaan Fariisota keessaa
namni tokkolleen isatti amaneeraa?
49 Sabni seera hin beenne kun
garuu abaaramaa dha."

50 "Niqoodimoos inni duraan
Yesuus bira dhaqee fi isaan
keessaas tokko ta'e sun akkana
isaaniin jedhe; 51 "Seerri keenna
otoo isa irraa hin dhagayin, waan
inni hojjates otoo hin beekin
nama tokkotti ni muraa?"

52 Isaanis, "atis nama Galiilaatii?
akka Raajaani Galiilaadhaa hin
kaane qoradhuu bira ga'i" jedhaniin.

53 Kana booddee isaan martinuu
gara mana ufiitti galan.

### Dubartii Ejja Irratti Qabamte

8 Yesuus garuu gara gaara
ejersaa dhaqe. 2 Ganama bariis
deebi'ee mana qulqullummaa dhufe;
innis namni hundumtuu isa biratti
walitti qabamnaan isaani barsiisuuf
taa'e. 3 Barsiisonni seeraatii fi
Fariisonni dubartii ejja[v] irratti
qabamte tokko fidan; jidduu
isaaniis dhaabachiisanii, 4 Yesuusiin
akkana jedhan; "yaa barsiisaa,
dubartiin tun ejja irratti qabamte;
5 Muuseeni seera keessatti akka
dubartoonni akkanaa dhagaan
tumaman nu ajajeera; ati waayee
isii maal jettaa? 6 Isaanis waan
ittiin isa himatan argachuuf
jedhanii isa qoruuf waan kana
gaafatan.

Yesuus garuu gadi jedhee quba
isaatiin lafa irratti barreessuu
jalqabe. 7 Isaanis ittuma fufanii
isa gaafannaan ol jedhee, "isin
keessaa namni cubbuu hin qabne
yoo jiraate duraan dursee dhagaa
isiitti haa darbatuu" jedheen.
8 Ammas gadi jedhee lafa irratti
barreesse.

9 Isaanis yommuu kana dhaga'anitti
maanguddootaa jalqabanii tokko
tokkoon ba'anii sokkan; Yesuusis
dubartittii fuula isaa dura
dhaabatte waliin kophaa[w] hafe.
10 Yesuusis ol-jedhee, "dubartinana,
warri si himatan meerree[x]? Namni
tokkolleeni sitti hin murree?"
jedheen.

11 Isiinis, "yaa Gooftaa, namni
tokkolleen natti hinmurre" jetteen.

Yesuusis, "anis sitti hin muruu
deemi; garuu deebitee cubbuu
hin hojjatin" jedheen.

### Yesuus ifa addunyaati

12 Yesuus ammas, "ani ifa biyya
lafaa ti; namni na hordofu cufti
ifa jireenyaa qabaata malee
dukkana keessa hinjiraatu[y]" jedhee
isaanitti dubbate.

13 Fariisonnis, "ati waayee mataa
keetii dhugaa baata[z]; dhugaa-
ba'iinsi kee immoo dhugaa miti"
jedhaniin.

14 Yesuusis akkana jedhee deebise;

[v] 3 ykn *niitii hawadii;* [w] 9 ykn *wojja isaa;*
[x] 10 ykn *meeti ree;* [y] 12 ykn *hindeddeebi'u;*
[z] 13 ykn *dhugeessita/rageessita*

"ani yoo ofii kiyyaaf dhugaa ba'ellee ani akkan eessaa dhufee fi akkan garamitti deemu waan beekuuf dhuga ba'iinsi kiyya dhugaa dha. Isin garuu akka ani eessaa dhufee yookaan akka ani garamitti deemu hin beettan.
[15]Isin akka fooniitti murteessitu; ani nama tokkottillee hin muru.
[16]Garuu ani yoo murellee murtiin kiyya dhugaa dha; kan murus na qofaa miti; inni na erge sun na waliin jiraatii.
[17]Dhuga-ba'iisni nama lamaa akka fudhatamaa ta'e seera keessan keessatti barreeffameera.
[18]Ani ufii kiyyaaf dhugaa nan ba'a; Abbaani na erges waayee kiyya dhugaa ba'a."

[19]Isaanis, "Abbaan kee eessa jira?" jedhanii isa gaafatan.

Yesuus immoo deebisee, "Isin anas Abbaa kiyyas hin beettan; otoo na beettanii, Abbaa kiyyas ni beettu turtan" jedhe.
[20]Yesuus otoo mana qulqullummaa keessatti, kutaa buusiin itti kuufamu keessatti barsiisaa jiruu dubbii kana dubbate. Garuu waan Yerooni isaa hin ga'iniif namni tokkoyyuu isa hin qabne.

[21]Yesuus ammas, "ani nan deema; isinis na barbaaddu; cubbuu keessaniinis ni duutu. Isin bakka[a] ani dhaqu dhufuu hin dandeessan" isaaniin jedheen.

[22]Yihuudonnis, " 'Isin bakka ani dhaqu dhufuu hin dandeessan' jechuuni isaa uf ajjeesuuf ta'innaa?" jedhan.

[23]Innis ittuma fufee akkana jedhe; "isin kan gadii ti; ani kan olii ti. Isin kan addunyaa kanaati; ani ammoo kan addunyaa kanaatii miti.
[24]Isin akka cubbuu keessaniin duutan ani isinitti himeera; isin yoo ani isa ta'uu kiyyas hin amanne[b], dhugumaanuu cubbuu keessaniin ni duutu."

[25] Isaanis, "ati eennu?" jedhanii isa gaafatan.

Yesuus ammoo akkana jedhee deebise; "ani isuma jalqabaa kaasee isinitti dubbachaa turee dha.
[26]Ani waayee keessan waan jedhuu fi waan muru baay'een qaba. Garuu inni na erge dhugaa-qabeessa; anis waan isa irraa dhagaye addunyaatti nan hima."

[27]Isaan garuu akka inni waayee Abbaa isaanitti himaa ture hin hubanne.
[28]Kanaaf Yesuus akkana isaaniin jedhe; "yommuu ilma namaa ol-fuutanitti akka ani isa ta'e, waanuma Abbaan na barsiise dubbadha malee akka ani ufii kiyyaan womaa hin hojjannes ni beettu.
[29]Inni na erge na wajjiin jira; sababii ani yeroo hunda waan isa gammachiisu hojjadhuuf inni kophaa kiyya na hin dhiifne."
[30]Akkuma inni kana dubbateenis, namoonni hedduuni isatti amanan.

### Ijoollee Abrahaami

[31]Yesuus Yihuudota isatti

[a]21 ykn *fulaa;* [b]24 ykn *hin dhugeeffanne*

amananiin akkana jedhe; "yoo
dubbii kiyyatti cimtan isin dhuguma
barattoota kiyya; 32Dhugaas ni
beettu; dhugaanis bilisa isin baasa[c]."
33Isaanis, "nu sanyii Abrahaamiiti,
nu eenyumaafuu takkaa garba
hin taane; yoos akkamitti bilisa
baatu nuun jetta ree?" jedhaniin.
34Yesuusis deebisee akkana jedhe;
"ani dhuguman isinitti hima;
namni cubbuu hojjatu marti garba
cubbuu ti. 35Garbi barabaraan mana
hin jiraatu; ilmi garuu barabaraan
ni jiraata. 36Kanaaf yoo ilmi
bilisa isin baase, isin dhugumayyuu
bilisa ni baatu. 37Isin sanyii
Abrahaami ta'uu keessan ani beeka;
garuu sababii dubbiin kiyya isin
keessatti bakka hin qabneef na
ajjeesuu barbaaddu. 38Ani waan
Abbaa kiyya biratti arge dubbadha;
isinis waanuma abbaa keessan
irraa dhageettan hojjattu."
39Isaanis, "abbaan keenya
Abrahaam" jedhan.
Yesuus ammoo akkana jedhe,
"otoo ijoollee Abrahaami taatanii,
hujii Abrahaam hojjate ni hojjattu
turtan. 40Isin garuu ana nama
dhugaa Waaqa irraa dhagaye
isinitti hime ajjeesuu barbaaddu;
Abrahaam waan akkasii hin
hojjanne. 41Isin waan abbaan
keessan hojjate hojjattu."
Isaanis, "nu ejjaan hin dhalanne;
abbaa tokkicha qabna; innis Waaqa."
jedhaniin.

**Ijoollee Daabiloosi**

42Yesuusis akkana isaaniin jedhe;
"otoo waaqni abbaa keessan ta'ee
na jaalattu turtan; ani Waaqa
keessaa bahee dhufeetii; isattu na
erge malee ani ofii kiyyaan hin
dhufne. 43Wonni ani dubbadhu
maaliif isinii hin galu? Sababiin
isaas waan isin waan ani jedhu
dhagawuu hin dandeenneef. 44Isin
ijjoollee abbaa keessanii ijoollee
daabiloosiiti; fedhiin keessanis
hawwii abbaa keessanii raawwachuu
dha. Inni jalqabumaa kaasee nama
ajjeesaa ture; waan dhugaan isa
keessa hin jirreef inni dhugaa
keessa hin jiraatu. Inni kijibaafi[d]
abbaa kijibaa waan ta'eef yommuu
kijiba dubbatutti ofuma keessaa
fuudhee dubbata. 45Isin garuu
waan ani dhugaa dubbadhuuf
nan hin amantan. 46Isin keessaa
namni cubbuun na himatu eennu?
Eegii ani dhugaa dubbadhe isin
maaliif na hin amanne? 47Namni
nama Waaqaa ta'e dubbii Waaqaa
ni dhagaya; isin garuu waan
kan Waaqaa hin ta'iniif hin
dhageessan."

**Yesuusiifi Abrahaam**

48Yihuudonnis deebisanii, "ati
nama Samaariyaa ti; jinniittu si
keessa jira jechuun keenya sirrii
miti?" jedhaniin.
49Yesuus ammoo akkana jedhe;

[c]32 ykn *isan balchoomsiti*

"jinniin na keessa hin jiru; ani Abbaa kiyyaaf ulfinna nankenna; isin garuu ulfinna naa hin kennitan. [50]Ani ulfinna mataa kiyyaa hin barbaadu; garuu kan ulfinna barbaadu tokko jira, innis Abbaa murtii ti. [51]Ani dhuguman isinitti hima; eennulleen yoo dubbii kiyya eege matumaa[e] du'a hin argu."

[52]Yihuudonnis akkana jedhaniin; "akka jinniin si keessa jiru nu amma barreerra. Abrahaam du'eera; raajonnis[f] du'aniiru; ati garuu, ' eennulleen yoo dubbii kiyya eege matumaa du'a hin dhandhamu' jetta. [53]Ati abbaa keenya Abrahaam caalta moo? inni du'eera; raajonnis du'aniiru; egaa ati eenyu ofiin jetta ree?"

[54]Yesuus akkana jedhee deebise; "ani yoo ufii kiyyaaf ulfinna kenne, ulfinni kiyya faayidaa hin qabu; kan ulfinna naa kennu Abbaa kiyya isuma isin Waaqa keenna jettaniin sanaa dha. [55]Yoo isin isa beekuu baattanillee ani isa beeka. Otoo ani isa hin beeku jedhee akkuma keessan sobduu nan ta'a ture. Ani garuu isa beeka; dubbii isaas nan eega. [56]Abbaan keessan Abrahaam guyyaa kiyya arguuf gammadee ture; innis ni arge; ni gammades."

[57]Yihuudonnis, "umriin kee waggaa shantamallee hinguunne; yoos ati akkamitti Abrahaamin argeera jetta ree?" jedhaniin.

[58]Yesuusis, "otoo Abrahaam hin dhalatiniyyuu ani anuma isaaniin " jedhe.[59]Isaanis yeruma sana isa dhawuuf jedhanii dhagaa guurratan; Yesuus garuu dhokatee mana qulqullummaatii ba'ee sokke.

## Yesuus Namicha Jaamaa Tokko Fayyisuu Isaa

9 Yesuus otoo dabruu namicha dhalootuma isaatii jalqabee jaamaa ture tokko arge. [2]Barattoonni isaas, "yaa barsiisaa, namichi kun akka jaamaa ta'ee dhalatuuf eenyuttu cubbuu hojjate? isa moo abbaa fi haadha isaa ti?" jedhanii isa gaafatan.

[3]Yesuusis akkana jedhee deebise; "akka hujiini Waaqaa jireenya isaa keessatti muldhatuuf malee inni yookaan abbaa fi haati isaa cubbuu hojjataniitii miti. [4]Otoo guyyaa ta'ee jiruu hujii isa na ergee hojjachuu qabna; halkan namni tokkoyyuu itti hojjachuu hin dandeenne ni dhufa. [5]Ani hanga addunyaa irra jirutti ani ifa addunyaati."

[6]Innis erga kana jedhee booddee[g] lafatti tufee biyyee jiise; biyyee jiise sanas ija[h] namichaa dibe. [7]Innis namicha sanaan, "dhaqiitii haroo Saliih-omiitti dhiqadhu" jedhe. Saliihom jechuuni kan ergame jechuu dha.

[d]44 ykn *dharaafi /sobaafi;* [e]51 ykn *akkanallee jedhee;* [f]52 ykn *raagotii;* [g]6 ykn *duubatti;* [h]6 ykn *ila*

Namichis dhaqee dhiqate; argaas[i] deebi'ee dhufe.

8Olloonni isaatii fi namoonni duraan otoo inni kadhatuu argan, "namichi kun isuma taa'ee kadhachaa ture sanaa mitii?" jedhan. 9Namoonni tokko tokko, "eeyee! isa" jedhan.

kaan[j] immoo, "lakki[k], isa fakkaata malee" jedhan.

Inni garuu, "namichi sun anuma" jedhe.

10Jarris, "ijji kee akkamitti baname ree?" jedhaniin.

11Innis deebisee, "namichi Yesuus jedhamu tokko biyyee jiisee ija koo dibee, 'gara haroo Saliihomi dhaqiitii dhiqadhu' naan jedhe; anis dhaqee dhiqadhe; arguus nan danda'e."

12Isaanis, "namichi sun eessa jira?" jedhanii isa gaafatan.

Innis, "ani hin beeku" jedheen.

### Fariisonni Waayee Fayyuu Namichaa Qorachuu Isaanii

13Isaanis namicha duri jaamaa ture sana Fariisotatti geessan.
14Guyyaan itti Yesuus biyyee jiisee ija namichaa bane Sanbata ture.15Fariisonni ammas namichi akkamitti akka arguu danda'e isa gaafatan; namichis, "Inni biyyee jiisee ija koo dibe; anis nan dhiqadhe; nan arges" jedheen.

16Fariisota keessaas tokko tokko, "namichi kun waan Sanbata hin eegneef[l], inni Waaqa biraa hin dhufne" jedhan.

Warri kaan garuu, "cubbamaan tokko akkamitti baasa akkanaa hojjachuu danda'a?" jedhan. Garaag-arummaanis isaan jidduutti uumame.

17Kanaaf ammas gara namicha jaamaa ture sanaatti deebi'anii, "waayee namicha ija kee sii bane sanaa maal jetta?" jedhaniin.

Namichis deebisee, "inni raaga[m] " jedhe.

18Yihuudonnis hanga abbaa fi haadha namicha agartuu isaa argate sanaa waamanitti akka inni jaamaa turee fi akka inni agartuu isaa argate ammallee hin amanne[n]. 19Isaanis, "inni kun ilma keessan isuma isin jaamaa ta'ee dhalate jettan sanaa? Yoos amma immoo akkamitti arguu danda'e ree?" jedhanii gaafatan.

20Abbaa fi haati namichaas deebisanii akkana jedhan; " akka inni ilma keenna ta'ee fi akka jaamaa ta'ee dhalate ni beenna.
21Garuu amma akkamitti arguu akka danda'e yookiin ija isaa eenyu akka baneef nu hin beennu. Inni nama guddaa dha; waayee mataa isaa dubbachuu ni danda'a; isuma gaafadhaa." 22Abbaa fi haati isaa sababii Yihuudota sodaataniif waan kana jedhan. Namni Kamiyyuu Yesuus inni Masiihicha jedhee yoo dhugeesse[o]

[i]7 ykn *ilaalaa;* [j]9 ykn *kuuwwan;* [k]9 ykn *hiyyoo;* [l]16 ykn *hinkabajneef;* [m]17 ykn *raajaadha;* [n]18 ykn *hindhugeeffanne;* [o]22 ykn *rageesse/dhugaa-ba'e*

akka mana sagadaa keessaa ari'amu Yihuudonni duraan dursanii murteessanii turaniitii. [23]Kanaaf abbaa fi haatii isaa, "inni nama guddaadha; isuma gaafadhaa" jedhan.

[24]Isaanis yeroo lammaffaa namicha jaamaa ture sana waamanii "Waaqayyoof ulfinna kenni; namichi kun cubbamaa ta'uu isaa nu ni beenna" jedhaniin.

[25]Innis, "cubbamaa ta'uu fi ta'uu baachuu isaa ani hin beeku; ani waan tokko qofa beeka; ani jaamaa ture; amma garuu nan arga" jedhee deebise.

[26]Isaanis, "maal sii godhe? ija kees akkamitti sii bane?" jedhanii isa gaafatan.

[27]Inni ammoo, "ani kanaan dura isinitti himeera; isinis hin dhag-eenye; ammas maaliif dhagawuu barbaaddu? isinis barattoota isaa ta'uu barbaadduu?"

[28]Isaanis akkana jedhanii isa arrabsan; "barataan namicha kanaa si'i! Nu barattoota Muusee ti. [29]Akka Waaqni Muuseetti dubbate nu beenna; namichi kun garuu eessaa akka dhufeyyuu hin beennu."

[30]Namichis deebisee akkana jedhe; "inni eessaa akka dhufe wallaaluun keessan waan nama dinquu[p] dha; kan ija kiyya naa bane garuu isuma. [31]Waaqayyo, nama isa sodaatuu fi nama fedhii isaa raawwatu[q] dhagaya malee, akka cubbamtoota hindhageenye ni beenna. [32]Eennulleen ija nama jaamaa ta'ee dhalate tokkoo akka bane uumama addunyaatii jalqabee dhagayamee hin beeku. [33]Namichi kun otoo Waaqa biraa dhufuu baatee womaa gochuu hin danda'u ture.

[34]Isaanis deebisanii, "ati kan guutummaatti cubbuun dhalatte, sittu nu barsiisaa?" jedhaniin; gadis isa baasan.

**Jaamummaa Hafuuraa**

[35]Yesuusis akka isaan gadi isa baasan dhagaye; yommuu isa argettis, "ati ilma namaatti ni amantaa?" jedheen.

[36]Namichis, "yaa gooftaa, akka ani isatti amanuuf inni eennu?" jedhe.

[37]Yesuusis, "ati amma isa argiteerta; inni si waliin haasa'aa jiru isuma" jedheen.

[38]Namichi sunis, "Yaa Gooftaa, nan amana" jedhe; ni sagadeefis.

[39]Yesuusi ammoo, "warri jaam-aani akka arganiif, warri argan immoo akka jaamaniif ani murtiif gara addunyaa kanaa dhufeera" jedhe.

[40]Fariisota isa wajjiin turan keessaa tokko tokko waan kana jechuu isaa dhagayanii, "nus jaamotaa ree?" jedhanii gaafatan.

[41]Yesuusis, "otoo jaamota taatanii cubbuu hin qabdan turtan; isin

[p]30 ykn *ajaa'ibsiisu /maadeffachiisu;*
[q]31 ykn *guutu*

garuu waan, 'ni argina' jettaniif cubbuun keessan ni jiraata" jedheen.

### Tissituu Fi Hoolota Isaa

**10** "ani dhuguman isinitti hima; namni balbalaan moonaa hoolotaa[r] hin seennee, garuu karaa dhibiin[s] yaabbatee seenu kamiyyuu hattuu fi saamtuu dha. **2**Namni balbalaan seenu immoo tissituu hoolotaa ti. **3**Eegduun balbalaas isaaf bana; hoolonnis sagalee[t] isaa dhagawu; innis hoolota isaa maqaa maqaan waamee gadi yaasa. **4**Erga warra kan isaa ta'an hunda gadi yaaseen duubatti isaan dura deema. Hoolonni isaas waan sagalee isaa beekaniif isa faana bu'u. **5**Nama kaan garuu ni baqatu malee faana hin bu'an; sagalee nama kaanii hin beekaniitii." **6**Yesuus fakkeenya kana isaanitti hime; isaan garuu akka inni maal isaanitti himaa ture hin hubanne.

**7**Kanaaf Yesuus ammas akkana jedheen; "dhuguman isinitti hima; ani balbala hoolotaa ti. **8**Warri na dura dhufan marti hattootaa fi saamtota; hoolonni garuu isaani hin dhageenne. **9**Balbalichi ana; namni karaa kiyyaan ol-seenu cufti ni fayya. Inni ni seena; ni ba'a; waan dheedus ni argata. **10**Hattuun: hatuuf, ajjeesuu fi balleessuu qofaaf dhufti; ani garuu akka isin jireenya qabaattaniif, jireenya irraa hafaas akka qabaattaniif dhufeera.

**11**"Tissituun dansaan ana; tissituun dansaani hoolota isaatiif jedhee jireenya isaa dabarsee ni kenna. **12**Namni qaxaramaan[u] kan tissituu hin ta'in garuu waan hoolonni kan isaa hin ta'iniif yommuu dhufaatii yeeyii[v] argutti hoolota dhiisee baqata; yeeyiinis hoolota ni butata; ni bittinneessas. **13**Namichis waan qaxaramaa ta'eef ni baqata; hoolotaafis hin yaadu.

**14**"Tissituun gaariin ana; ani hoolota kiyya beeka; hoolonni kiyyas na beeku; **15**Kunis akkuma Abbaan na beekuttii fi akkuma ani Abbaa beekutti. Anis jireenna kiyya hoolotaaf nan kenna. **16**Ani warra moonaa kanatti galan malees hoolota gara biraa qaba; isaanis fiduun qaba; isaanis qoonqa kiyya nidhagawu; karra tokkos ni ta'u; tissituun isaaniis tokko ta'a. **17**Ani deebisee fudhachuuf lubbuu kiyya dabarsee waan kennuuf Abbaan na jaalata. **18**Lubbuu kiyya anumatu ofii kiyyaan dabarsee kenna malee eenyuyyuu narraa hin fudhatu; Ani lubbuu kiyya dabarsee kennuuf aangoo[w] qaba; deebisee fudhachuufis aangoo qaba; Ajaja kanas Abbaa kiyya biraa fudhadheera."

[r]1 ykn *ooliyyee;* [s]1 ykn *biraatiin;* [t]3 ykn *qoonqoo /qoonqa;* [u]12 ykn *beesseen tissu;* [v]12 ykn *yayii ;* [w]18 ykn *guddinna*

19 Ammas sababii dubbii kanaatiif
Yihuudota jidduutti garaa garu-
mmaan uumame. 20 Baay'eeni
isaaniis, "jinniittu isa keesa jira;
inni maraateera; isin maaliif isa
dhageettu?" jedhan.
21 Warri kaan ammoo, "kun jecha
nama jinniidhaan qabameetii miti;
jinniin ija[x] nama jaamaa banuu
ni danda'aa?" jedhan.

### Amanuu Diduu Yihuudotaa

22 Yeroo sana ayyaanni mana
qulaqullummaa haaressuu Yeru-
saalemitti ayyaaneffamee ture.
Yerooni sunis ganna ture. 23 Yesuusis
mana qulqullummaa keessa gard-
aafoo[y] Solomooni jala dedeebi'aa
ture. 24 Yihuudonnis isa marsanii,
"hanga yoomiitti qalbii nu rarraafta?
Ati yoo Kiristoos[z] taate ifatti
baasii nutti himi" jedhaniin.
25 Yesuusis akkana jedhee
deebiseef; "ani isinitti himeera;
isin garuu hin amantan[a]. Hujiini
ajaa'ibsiisaani[b] ani maqaa Abbaa
kiyyaatiin hojjadhu waayee kiyya
dhugeessa[c]. 26 Isin garuu waan
hoolota kiyya hin ta'iniif hin
amantan. 27 Hoolonni kiyya sagalee
kiyya ni dhagawu; Anis isaan
beeka; isaanis na faana bu'u. 28 Anis
jireenna barabaraa nan kennaaf;
isaanis matumaa[d] hin badan.
Eennuyyuu harka kiyya keessaa
isaan hin butatu. 29 Abbaan kiyya
kan natti isaan kenne sun
hunduma caala; namni tokkolleen
harka Abbaa kiyyaa keessaa
isaan butachuu hin danda'u. 30 Anii
fi Abbaan tokkuma."
31 Yihuudonni isa rukutuuf[e]
jedhanii ammas dhagaa guurratan.
32 Yesuusis, "ani hujii dinqii
gugurdaa Abbaan kiyyaa natti
kenne baayee isinitti argisiiseera;
hujii kana keessaa isin sababii
isa kamiitiif dhagaan na
rukuttu?" jedheen.
33 Yihuudonnis, "wanni nu
dhagaadhaan si rukunnuuf sababii
ati Waaqa arrabsiteef malee
sababii ati hujii dinqii hojj-
atteefii miti; ati otoo namuma
taatee jirtuu Waaqa uf -goota"
jedhanii deebisaniif.
34 Yesuus ammoo akkana jedhee
deebiseef; "seera keessan kee-
ssatti, 'ani isin Waaqota jedheera'

[x] 21 ykn *ila;* [y] 23 ykn *balbala /buusaa daasii;* [z] 24 ykn *masiihii jechuudha;* [a] 25 ykn *hindhugeeffattan;* [b] 25 ykn *dinqii/maadee;* [c] 25 ykn *rageessa/ dhuga-baha;* [d] 28 ykn *akkanallee jedhee* [e] 31 ykn *dhawuuf*

**10: 22** *Ayyaanni mana qulqullummaa haaressuu Hanukkaa jedhamee beekama* - Ji'i Hanukkaa sadaasaa waliin tokkuma. Ayyaanni kunis guyyaa itti Yihuudaa Maqaabiis (dhaloota Kiristoosi dura bara 164 keessa) mana qulqullummaa kan namoonni Sooriyaa waggaa sadii xureessan sana haareesse yaadachuuf godhame. Ayyaanichis guyyaa 25ffaa ji'a sanaa irraa jalqabee hanga guyyaa saddeetiitti ayyaaneffama ture. Yeroon kun Yihuudotaaf yeroo gammachuu guddaa ture.

jedhamee barreeffameeraa mitii? [35]Inni erga warra dubbiini waaqayyoo isaaniif dhufeen 'Waaqota' jedhee, kitaabni immoo waan hin diigamneef, [36] ' Sababii ani, 'ani ilma Waaqaa ti' jedheef, isin maaliif isa Abbaan qulqulleessee gara biyya lafaatti erge sanaan,' Ati Waaqa arrabsita' jettu? [37]Yoo ani hujii Abbaa kiyyaa hin hojjanne na hin amaninaa. [38]Yoo ani hujii sana hojjadhee garuu yoo na amanuu baattanillee hujicha amanaa; kunis akka Abbaan na keessa jiru, akka anis Abbaa keessa jiru beettanii akka hubattaniif." [39]Isaan ammas isa qabuu yaalan; inni garuu isaan harkaa ba'ee.

[40]Yesuus ammas deebi'ee Yordaanos gama bakka[f] Yohaannis jalqabatti itti cuuphaa ture sana dhaqe; achis ture. [41]Namoonni baay'eenis gara isaa dhufanii, "Yohaannis milikkita[g] tokkollee hin hojjanne; garuu wonni inni waayee namicha kanaa dubbate cuftinuu dhugaa dha" jedhan. [42]Achittis namoonni hedduuni Yesuusitti amanan.

### Du'uu Alaazaari

**11** Namichi Alaazaar jedhamu kan biitaaniyaa keessa jiraatu tokko dhukkubsachaa[h] ture; biitaaniyaani kunis ganda Maariyaamiifi obboleettiin ishii Maartaan keessa jiraataniidha. [2]Maariyaam ishiin obboeessii ishii Alaazaar dhukkubsate tun, ishiidhuma dhadhaa urgaa'a gooftaa dibdee rifeensa mataa ishiitiin miila isaa haaxxee sanaa dha. [3]Kanaaf obboleettonni isaa, "yaa gooftaa, namichi ati jaalattu kunoo dhukkubsachaa jira" jedhanii Yesuusitti dhaaman.

[4]Yesuusis yommuu waan kana dhaga'etti, "dhukkubni kun akka ilmi Waaqaa ittiin ulfaatuuf, ulfinna Waaqaatiif dhufe malee du'a hin fidu" jedhe. [5]Yesuus Maartaa fi obboleettii ishii, Alaazaarinis ni jaalata ture. [6]Innis gaafa akka Alaazaar dhukkubsate dhaga'ee jalqabee guyyaa lama bakkuma[i] jiru sana ture.

[7]Innis barattoota isaatiin, "koottaa Yihuudaatti deebinaa" jedhe.

[8]Barattoonni isaa immoo, "yaa barsiisaa, Yihuudonni dhiyeenya kana dhagaadhaan si tumuu barbaadaa turan; ati ammallee deebitee achi dhaxxaa?" jedhaniin.

[9]Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "guyyaani tokko sa'aatii kudhanii lama qabaa mitii? Namni guyyaan deemu waan ifa addunyaa kanaatiin arguuf hin gufatu. [10]Kan halkaniin deemu garuu sababii ifni isa keessa hin jirreef ni gufata."

[11]Innis erga waan kana dubbateen duubatti, itti fufee, "firri keenna

[f]40 ykn *fulaa;* [g]41 ykn *malkata/ milikkeeta;*[h]1 ykn *fayyaa dhabe;* [i]6 ykn *fuluma*

Alaazaar rafeera; ani garuu hirriibaa isa kaasuu nan dhaqa" isaaniin jedhe.

12 Barattoonni isaas, "yaa gooftaa, yoo rafee jiraate ni fayya" jedhaniin. 13 Yesuus waayee du'a Alaazaari dubbate; barattoonni isaa garuu waan inni waayee rafiitii hirriibaa dubbate se'an.

14 Kanaaf Yesuus akkana jedhee ifatti baasee isaanitti hime; "Alaazaar du'eera; 15 Akka isin amantaniif[j] ani waan achi hin turiniif waayee keessaniif nan gammada; ta'us koottaa gara isaa dhaqnaa."

16 Toomaas inni Didimoos jedhamu immoo barattoota kaaniin, "nus akka isa waliin duunuuf ka'aa ni dhaqnaa" jedhe.

### Yesuus Obboleettota Alaazaari Jajjabeessuu Isaa

17 Yesuus yommuu achi ga'etti akka Alaazaar erga awwaalamee guyyaa afur ture beeke. 18 Biitaaniyaan Yerusaalem irraa gara kiiloo meetirii sadii fagaatti turte. 19 Yihuudonni baay'een Maartaa fi Maariyaamin waayee du'a obboleessa isaaniitiif isaan jajjabeessuu dhaqanii turan. 20 Maartaan yommuu dhufaatii Yesuusi dhageessetti isa simachuu gadi baate; Maariyaam garuu manatti hafte.'

21 Maartaanis Yesuusiin akkana jette; "Yaa Gooftaa, otoo ati asi jiraattee silaa obboleessi kiyya hin du'u ture. 22 Ammas taanaan akka Waaqni waan ati kadhattu cufa sii kennu nan beeka."

23 Yesuusis, "obboleessi kee du'aa ni ka'a" jedheen.

24 Martaanis deebiftee, "akka inni du'aa ka'iisa guyyaa dhumaa sanatti ka'u ani beeka" jetteen.

25 Yesuus immoo akkana jedheen; "du'aa ka'iisnii fi jireenyi ana; namni natti amanu yoo du'ellee ni jiraata. 26 Kan jiraatuu fi kan natti amanu kamiyyuu matumaa[k] hin du'u; kana ni amantaa ree?

27 Isiinis, "eeyee! Yaa Gooftaa, akka ati Ilma Waaqaa, masiihicha[l] gara biyya lafaa dhufu sana taate nan amana" jetteen.

28 Ishiinis erga waan kana dubbattee booddee[m] dhaxxee obboleettii ishii Maariyaamin ofitti waamtee, "Barsiisaan dhufeera; si waamas" jetteen. 29 Maariyaamis yommuu kana dhageessetti ariitiin kaatee gara isaa dhaxxe. 30 Yesuus yeroo sana bakka Maartaani itti isa simatte ture malee ammallee ganda sana hin seenne. 31 Yihuudonni Maariyaamin jajjabeessaa mana keessa ishii bira turanis yommuu akka ishiin akkas ariitiidhaan kaatee gadi baate arganitti waan ishiin achitti boowuuf jettee gara awwaala sanaa dhaxxu

[j] 15 ykn dhugeeffattaniif; [k] 26 ykn *akkanallee jedhee;* [l] 27 ykn *Kiristoos;* [m] 28 ykn *duubatti*

se'anii ishii hordofan.
[32]Maariyaamis yommuu bakka Yesuus ture sana geessee isa argitetti, miila isaa irratti lafa dhooftee, "Yaa Gooftaa otoo ati asi jiraattee silaa obboleessi kiyya hin du'u ture" jetteen.
[33]Yesuusis boowuu ishii, Yihuudonni ishii wajjiin dhufanis boowuu isaanii yommuu argetti Hafuura isaatiin akka malee gadde[n]; ni dhiphates. [34]Innis, "eessa isa keettan? " jedhee isaan gaafate;

Isaanis, "Yaa Gooftaa, koottuu ilaali" jedhaniin.
[35]Yesuusis ni boo'e.
[36]Yihuudonnis, "inni hagam akka isa jaalachaa ture mee ilaalaa!" jedhan.
[37]Warri kaan garuu, "inni kan ija[o] namicha jaamaa sanaa bane, akka namichi kunis hin duune gochuu hin danda'u turee?" jedhan.

**Yesuus Alaazaarin Du'aa Kaase**

[38]Yesuus Ammas akka malee gaddee gara awwaala sanaa dhaqe; Awwalli sunis holqa[p] balballi isaa dhagaadhaan cufame tokko ture. [39] Yesuusis, "dhagaa kana achi irraa fuudhaa!" jedhe.

Maartaan Obboleettiin namicha du'e sanaa garuu, "Yaa Gooftaa, inni eegii awwaalamee waan guyyaa afur tureef yoona foolii hamaa qabaata[q]" jetteen.
[40]Yesuusi ammoo "ati yoo amante akka ulfinna Waaqaa agartu ani sitti hin himnee?" jedheen.
[41]Kanaaf awwaalicha irraa dhagicha fuudhan; Yesuusis ol ilaalee akkana jedhe; "Yaa Abbaa, waan na dhageetteef sin galateeffadha. [42]Akka ati yeroo hunda na dhageettu ani beekeera; garuu akka namoonni asi dhadhaabatan kunneen akka ati na ergite amananiif ani isaaniif jedhee kana dubbadhe."
[43]Yesuusis eega waan kana dubbatee booddee, "Alaazaar, olbayi!" jedhee sagalee[r] guddaan iyye. [44]Namichi du'e sunis akkuma harki isaatii fi miilli isaa huccuu[s] kafanaatiin kafanametti, fuulli isaas wayaadhaan akkuma marametti ol-bahe.

Yesuusis, "huccuu kafanaa sana irraa hiikaatii gadi isa dhiisaa" jedheen.

**Yesuusin Ajjeesuudhaaf Korachuu isaanii**

[45]Kanaaf Yihuudota gara Maariyaami dhufanii waan Yesuus hojjate argan keessaa hedduun isatti amanan. [46]Isaani keessaa tokko tokko garuu Fariisota bira dhaqanii waan Yesuus hojjate itti himan. [47]Kanaaf luboonni hangafoonnii[t] fi Fariisonni wal-gayii gumii Yihuudotaa

[n]33 ykn *laaleffate;* [o]37 ykn *ila;* [p]38 ykn *olla/goda;* [q]39 ykn *in ajaawa;* [r]43 ykn *qoonqoo/qoonqa;* [s]44 ykn *Woyaa;* [t]47 ykn *qaallolee gugurdoo*

waaman.

Isaanis akkana jedhanii gaafatan; "namichi kun waan milikkita baay'ee agarsiisaa jiruuf maal gochuu nuu wayya? 48Yoo akkasumatti isa dhiifne namni cufti isatti amana; warri Roomaas dhufanii bakka keennaa fi saba keenna nurraa fudhatu."

49Isaani keessaas namichi Qayyaaffaa jedhamu kan bara sana luba ol aanaa ture tokko akkana isaaniin jedhe; "isin waan tokkollee hin beettan; 50Sabni guutummaatti dhumuu irra namni tokko sabaaf du'uun akka isinii wayyu hin hubattan."

51Innis bara sana waan luba ol aanaa tureef, akka Yesuus saba sanaaf du'u raajii[u] dubbachuu isaa ti malee, dubbii kana ofkeessaa fuudhee hin dubbanne. 52Kunis ijoollee Waaqayyoo kanneen bittinnaa'an bakka tokkotti walitti qabuuf malee saba sana qofaafii miti. 53Kanaaf isaani gaafasii jalqabanii isa ajjeesuuf korachaa turan.

54Kanaafuu Yesuus ifatti bahee Yihuudota jidduu hin dedeebine; Achii ka'ee gara magaalaa[v] Efreemi ishii lafa onaatti[w] dhiyoo jirtu tokkoo dhaqe; barattoota isaa waliinis achi ture.

55Faasikaan Yihuudotaa waan dhiyaatee tureef, namoonni hedduun otoo faasikaan hin ga'in uf qulqulleessuuf jedhanii baadiyaadhaa Yerusaalemitti ol-ba'an. 56Isaanis Yesuusin barbaadaa turan; mana qulqullummaa keessas dhaabatanii, "isin maal seetu? Inni gara ayyaana kanaa hin dhufuu laata?" waliin jedhan. 57Luboonni hangafoonnii fi Farisonni garuu Yesuusin qabuuf jedhanii namni bakka inni jiru beeku yoo jiraate akka isaanitti himuuf ajaja kennan.

### Yesuus Biitaaniyaatti Urgooftuu Dibame

*12:1-8 Wbq ⇒ Mat 26:6-13; Mar 14:3-9; Luq 7:37-39*

**12** Faasikaa dura guyyaa ja'affaatti Yesuus gara Biitaaniyaa biyya Alaazaar, namichi Yesuus du'aa isa kaase sun jiraachaa turee dhaqe. 2Achitti Irbaata[x] qopheessaniif; Maartaanis ni tajaajilti[y] turte; Alaazaar garuu warra isa wajjiin irbaatatti dhiyaatan keessaa tokko ture. 3Yommus Maariyaam dibata urgaa'aa gatiini isaa guddaa kan Naardoos jedhamu tokko gara liitirii wadhakkaa fiddee miila Yesuusi dibde; rifeensa mataa isiitiinis miila isaa haaxxe; manichis urga'a dibata sanaatiin guutame.

4Barattoota isaa keessaa tokko inni dabarsee isa kennuuf jiru Yihuudaa Asqorootichi garuu

[u]51 ykn *himana;* [v]54 ykn *dira;* [w]54 ykn *alootti;* [x]2 ykn *golola halkanii;* [y]2 ykn *hojjachaa*

akkana jedhe; 5"dibanni ur-
gaa'aan kun maaliif diinaara
dhibba sadiitti gurguramee hiyy-
eeyyiif hin kennamne?" 6Akkana
jechuun isaa waan hattuu tureef
malee, hiyyeeyyiif gaddeetii[z] miti.
Innis sababii Korojoon maallaqaa[a]
harka isaa tureef, waan achi
keessa buufamu ofii isaatii fud-
hachaa ture.
7Yesuusis deebisee akkana
jedhe; "dibata kana guyyaa aw-
waala kiyyaatiif haa tursituutii
ishii hin tuqinaa. 8Hiyyeeyyiin yeroo
mara isin bira jiru; ana garuu
yeroo mara na hin argattan."
9Yihuudonni baay'een akka Ye-
suus achi jiru beekanii dhufan;
dhufaatiin isaaniis Yesuusin qofa
otoo hin ta'in, Alaazaar isa inni
du'aa kaases ilaaluuf ture. 10Kanaaf
luboonni hangafoonni[b] Alaazaarin
ajjeesuuf mariyatan. 11Yihuudota
keessaa namoonni baay'een sa-
babii isaatiif dhaqanii Yesuusitti
amanaa[c] turaniitii.

### Yesuus Ulfinnaan Yerusaalem Seenuu Isaa

*12:12-15 Kwf ⇒ Mat 21:4-9; Mar 11:7-10; Luq 19:35-38*

12Guyyaa itti aanutti namoonni
ayyaanichaaf dhufanii turan
baay'een akka Yesuus gara Yeru-
saalemi dhufaa jiru dhagayan.
13Isaanis damee meexxii harkatti
qabatanii isa simachuu bahan;
sagalee[d] guddaanis akkana jedhan:

"Hoosaanaa![e]
" kan maqaa Gooftaatiin dhufu
eebbifamaa dha!
"Mootiin Israa'eli eebbifamaa
dha."

14Yesuusis ilmoo[f] harree tokko
argee yaabbate; kunis akkuma
akkana jedhamee barreeffamee dha;

15"Yaa Intala Xiyooni, hin so-
daatin;
kunoo, mootiin kee,
ilmoo harree yaabbatee dhufuutti
jira."

16Barattoonni isaa jalqabatti
waan kana cufa hin hubanne;
erga Yesuus ulfinna argatee
duubatti garuu akka wonni bar-
reeffame kun waayee isaa ta'ee fi
akka isaanis waanuma kana isaaf
godhan qaabatan.
17Namoonni yommuu inni
Alaazaarin awwaala keessaa
waamee du'aa kaasetti isa waliin
turanis waan argan sana odees-
saa turan. 18Sababiin namoonni
baay'eeni isa simachuu ba'aniifis
waan milikkita[g] kana gochuu
isaa dhaga'aniif. 19Kanaaf Fari-
isonni, "Isin akka waa tokkollee
isa gochuu hin dandeenne argi-
tanii? kunoo, biyyi lafaa hundum-
tuu isa faana bu'eera!" waliin
jedhan.

[z]6 ykn *laaleffateetii;* [a]6 ykn *subba beessee;* [b]10 ykn *qaalloleeni gugurdooni;* [c]11 ykn *dhugeeffachaa;* [d]13 ykn *qoonqa/qoonqoo;* [e]13 ykn *afaan ibraayisxiitiin "fayyisaa, "jedhuudha; kunis jecha galataati;* [f]14 ykn *bukura/buukurruu;* [g]18 ykn *milikkeeta /malkata*

## Yesuus Duraan Dursee Waayee Du'a Isaa Dubbate

20 Warra Yeroo ayyaanichaatti
sagaduudhaaf ol-ba'an keessaa
tokko tokko Giriikota turan.
21 Isaanis Filiphoos nama biyya
Galiilaatii Beetsayidaa dhufe
sana bira dhaqanii, "Yaa Gooftaa,
Yesuusin arguu barbaanna"
jedhanin. 22 Filiphoosis dhaqee
Indiriyaasitti hime; Indiriyaasii fi
Filiphoos immoo dhaqanii Ye-
suusitti himan.
23 Yesuusis akkana jedhee dee-
bise; "sa'aatiin Ilmi namaa itti
ulfinna argatu gaheera. 24 Ani
dhuguman isinitti hima; firiini
qamadii[h] tokko yoo lafa buutee
du'uu baatte kophaa ishii hafti;
yoo duute garuu firii baay'ee
naqatti. 25 Namni lubbuu isaa
mararfatu kamiyyuu lubbuu isaa
ni dhaba; kan biyya lafaa kana
irratti lubbuu isaa jibbu kamiy-
yuu garuu jireenya barabaraatiif
lubbuu isaa keewwata. 26 Namni
na tajaajiluu barbaadu kamiyyuu
na faana haa bu'uu; bakka[i] ani
jiru tajaajilaan kiyyas ni jiraata;
Abbaan kiyya nama na tajaajiluuf
ulfinna ni kenna.
27 "Ammas lubbuun tiyya dhi-
phatteerti; egaa ani maal jedhu
ree? 'Yaa Abbaa, sa'aatii kana
jalaa na baasi' jedhuu? akkasii
miti; sababiini ani gara sa'aatii
kanaa dhufeef kanuma. 28 Yaa
Abbaa, maqaa kee ulfeessi!"
Kana booddee qoonqii, "ani isa
ulfeesseera; ammas nan ulfeessa"
jedhu tokko samii irraa dhufe.
29 Namoonni achi dhadhaabachaa
turan yommuu qoonqa kana dha-
gayanitti, "nimandi'e[j]" jedhan. Kaan
immooo, "Maleekkaa Waaqaattu
isatti dubbate" jedhan.
30 Yesuus akkana jedhee deebi-
see; "qoonqi kun isiniif jedhee
dhufe malee anaaf jedhee miti.
31 Yeroon itti addunyaa kanatti
muramu amma; bulchaan addun-
yaa kanaas amma gadi ga-
tama. 32 Ani garuu yeroo lafa irraa
ol-fudhamutti nama cufa ofitti
nan harkisa." 33 Innis akka du'a
akkamii du'u agarsiisuuf kana
jedhe.
34 Namoonnis deebisanii,"akka
masiihiin[k] barabaraan jiraatu nu
seera irraa dhageenneerra; yoos
ati akkamitti Ilmi Namaa ol-
fudhamuu qaba jechuu dande-
essa ree? Ilmi namaa kunis ee-
nyu? "jedhaniin.
35 Yesuus ammoo akkana jed-
heen; "ifni yeroo gabaabaaf isin
bira jira; akka dukkanni isin hin
liqimsineef otoo ifa qabdanuu
deddeebi'aa; namni dukkana
keessa deemu eessa akka dhaqu
hin beekuutii. 36 Ijoollee ifaa
akka taataniif otoo ifa qabdanuu
ifa sanatti amanaa." Yesuusis

[h]24 *ykn gumaani dargaayyee;* [i]26 ykn *fulaa;* [j]29 ykn *nikakawwise;* [k]34 ykn *Kiristoos;* [l]37 ykn *ila;* [m]37 ykn hujii *mamaa/baasa*

eega waan kana dubbatee fixee
booddee bakka sanaa ka'ee isaan
duraa dhokate.

### Yihuudonni Ittuma Fufanii Amanuu Diduu Isaanii

37 OtumaYesuus ija[l] isaanii
duratti dinqii[m] hedduu ho-
jjatuu, isaan ammas isatti
amanuu didan. 38 Kunis dubbiin
Isaayyaas raagichaa[n] kan,

"Yaa Gooftaa, ergaa keenya
eenyuttu amane?
Irreen Gooftaas eenyutti
muldhate?" jedhu sun akka raaw-
watamuuf ture.
39 Kanaaf isaan isatti amanuu
hin dandeenye; Isaayyaas ammas
bakka biraatti[o] akkana jedheeraatii;

40 "Ija isaaniitiin akka hin argineef,
qalbii isaaniitiin akka hin
hubanneef,
akka ani isaan fayyisuufis akka
gara kiyyatti hin deebineef,
Inni ija isaanii jaamseeraatii;
garaa isaaniis jabeesseera."
41 Isaayyaas sababii ulfinna
Kiristoosi argee waayee isaas
dubbateef kana jedhe. 42 Ta'us
warra aangoo[p] qaban keessaallee
namoonni baay'een isatti amanan;
garuu waan mana sagadaatii nu
baasu jedhanii Fariisota sodaataniif
isatti amanuu isaanii ifatti hin
baafne. 43 Isaan ulfinna Waaqa
irraa dhufu caalaa ulfinna nama
irraa dhufu jaalataniiruutii.
44 Yesuusis sagalee isaa ol-
fudhatee akkana jedhe; "Namni
natti amanu isa na erge sanatti
amana malee natti amanaa miti.
45 Kan na argus isa na erge sana
arga. 46 Akka namni natti amanu
martinuu dukkana keessa hin
jiraanneef ani ifa ta'ee gara biyya
lafaa dhufeera.
47 "Namni kamiyyuu yoo dub-
bii kiyya dhagayee eeguu baate
kan isatti muru anaa miti; Ani
biyya lafaa fayyisuuf dhufe malee
itti muruuf hin dhufneetii. 48 Namni
na didu kan dubbii kiyyas hin
fudhanne Abbaa murtii tokko
qaba; dubbiin ani dubbadhe sun
guyyaa dhumaatti isatti mura.
49 Abbaa na erge sanattu akka ani
maal dubbaadhuufi akka ani
akkam dubbadhu na ajaje malee
ani ufii kiyyaan hin dubbanne.
50 Akka ajajni isaa jireenya bara-
baraa ta'e ani beeka; kanaaf
wonni ani dubbadhu hundinuu
waanuma akka ani dubbadhuuf
abbaani natti himee dha.

### Yesuus Miila Barattoota Isaa Dhiqe

**13** Yerooni sun ayyaana
faasikaatiin dura ture;
Yesuusis akka biyya lafaa kana
keessaa gara Abbaa dhaquuf
sa'aatiin isaa ga'e ni beeke; innis
warra kan isaa ta'an kanneen
biyya lafaa keessa turan ni jaalate;

[n]38 ykn *raajichaa;* [o]39 ykn *dhibiitti;* [p]42 ykn *guddinna*

hanga dhumaattis isaan jaalate.

2 Yesuusiifi barattoonni isaa irbaata[q] nyaachaa turan; Daabiloosis akka inni Yesuusin dabarsee kennuuf ilma Simooni, jechuunis Yihuuda Asqorooticha duraan dursee kakaasee ture. 3 Yesuusis akka Abbaan waan hunda harka isaatti kenne, akka Waaqa biraa dhufee fi akka gara waaqaatti deebi'us beeka ture. 4 Kanaaf irbaata irraa ka'ee, wayaa isaa kan irraan uffate of irraa fuudhee lafa kaa'e; fooxaas mudhiitti[r] hidhate. 5 Eegasii bishaan gabateetti[s] naqatee miila barattoota isaa dhiquu, fooxaa mudhiitti hidhate sanaanis haaquu jalqabe.

6 Innis gara Simoon Pheexiroosi dhufe; Pheexirooisis, "Yaa Gooftaa, sittuu miila koo naa dhiqaa?" jedheen.

7 Yesuus ammoo deebisee, "waan ani hojjachaa jiru ati amma hin beettu; booddee[o] garuu ni hubatta" jedheen.

8 Pheexiroosis, "hinta'u; ati matumaa[u] miila koo naa hin dhixxu" jedheen.

Yesuusis deebisee, "Yoo ani sii dhiquu baadhe ati na biraa qooda hin qabdu" jedheen.

9 Simoon Pheexiroosis deebisee, "Yaa Gooftaa, yoos harka kiyya fi mataa kiyyas malee miila kiyya qofa hinta'in" jedheen.

10 Yesuusis, "namni nafa isaa dhiqate tokko miila isaa qofa dhiqachuu isa barbaachisa; nafni isaa guutuun qulqulluudha. Yoo hunda keessan ta'uu baatellee isin qulqulluudha" jedheen. 11 Innis nama dabarsee isa kennuuf jiru beeka tureetii; sababiin inni, "qulqulluun hunda keessanii miti" jedheefis kanumaa.

12 Innis erga miila isaanii dhiqee booddee, uffata isaa uffatee bakka[v] isaatti deebi'ee taa'e; akkanas jedheen; "isin waan ani isiniif godhe hubattuu? 13 Isin, 'Barsiisaa', 'Gooftaas' naan jettu; anis waan isuma isin jettan ta'eef kun dhuguma. 14 Yoos erga ani Gooftaa fi Barsiisaan keessan miila keessan isinii dhiqee isinis akkasuma miila walii dhiquu qabdu. 15 Akkuma ani isinii godhe kana isinis akka gootaniif ani fakkeenya isinii kenneera. 16 Ani dhuguma isinitti hima; tajaajilaan[w] tokko gooftaa isaa hin caalu; yookaan ergamaan tokko kan isa erge hin caalu. 17 Eegaa yoo waan kana beettan, yoo raawwatanis[x] isin eebbifamoo dha.

### Yesuus Akka Dabarfamee Kennamu Duraan Dursee Dubbachuu Isaa

18 "Ani waayee cufa keessanii dubbachaa hin jiru; ani warra filadhe beeka; kun garuu dubbiini

[q]2 ykn *golola halkanii;* [r]4 ykn *hidhaanatti;* [s]5 ykn *qoriitti;* [t]7 ykn *egerii;* [u]8 ykn *akkanallee jettee;* [v]12 ykn *fulaa;* [w]16 ykn *hojjataani;* [x]17 ykn *guuttan*

kitaabaa kan, 'inni buddeena kiyya kan nyaate koomee[y] isaa natti ol-fudhate' jedhu sun akka raawwatamuuf.

19"Isin yommuu inni raawwatamutti akka ani isa ta'e akka amantaniif[z] otoo inni hin raawwatamin amma isinitti nan hima.
20Ani dhuguma isinitti hima; kan nama ani ergu simatu na simata; kan na simatus isa na erge simata."

21Yesuusis eega kana dubbatee booddee hafuuraan jeeqamee[a] "ani dhuguman isinitti hima; isin keessaa tokko dabarsee na kenna" jedhe.

22Barattoonnis akka inni waayee eennuu dubbate waan hin beekiniif wal-ilaalan. 23 Barattoota keessaas inni Yesuus isa jaalatu tokko Yesuusitti maxxanee taa'aa ture.
24Simoon Pheexiroosis, "Mee eennuu jechuu isaa akka ta'e isa gaafadhu!" jedhee nyaaraan barataa sanatti hime.

25Innis qoma Yesuusiitti hirkatee, "Yaa Gooftaa, eennu innii? "jedhee gaafate.

26Yesuusis deebisee, "namichi ani buddeena kutee ittoo[b] cuuphee kennuuf isa" jedhe; innis buddeena afaan keewwata tokkoo kutee ittoo cuuphee ilma Simoon Asqorootichaa, Yihuudaaf kenne.
27Yihuudaas akkuma inni buddeenicha fudhateen Sheexanni itti gale.

Yesuusis," waan gochuuf jirtu dafii godhi" isaan jedhe. 28Warra maaddiitti dhiyaatan sana keessaas namni tokkolleen waan Yesuus akkas isaan jedheef hin hubanne. 29Sababii Yihuudaani korojoo maallaqaa[c] baachaa tureefis isaan keessaa namoonni tokko tokko waan Yesuus, "waan ayyaanaaf nu barbaachisu biti" jedheen, yookiin akka inni hiyyeeyyiif waa kennuuf waa isatti hime se'an. 30Yihuudaanis akkuma buddeena sana fudhateen gadi baye; yerooni sunis halkani ture.

**Yesuus Akka Pheexiroos Isa Ganu Duraan Dursee dubbate**

*13:37; 38 Kwf ⇒ Mat 26:33-35; Mar 14:29-31 Luq 22:33; 34*

31Erga inni gadi ba'ee booddee Yesuus akkana jedhe; "amma Ilmi Namaa ulfaateera; Waaqayyos isaan ulfaateera.32Waaqayyo erga isaan ulfaatee, inni ofuma isaatiin isa ulfeessa; yeruma sanas isa ulfeessa.

33"Yaa ijoolle, ani yeroo gabaabaaf isin wajjiin jira; isin na barbaaddu; ani akkuma Yihuudotaan, 'bakka ani dhaqu isin dhufuu hin dandeessan' jedhe sana ammas isiniin nan jedha.

34Akka isin wal-jaalattaniif ani ajaja[d] haaraya isiniif kenna; akkuma ani isin jaaladhetti isinis akkasuma wal-jaaladhaa. 35Yoo

[y]18 ykn *hirba;* [z]19 ykn *dhugeeffattaniif;* [a]21 ykn *laalaffatee;* [b]26 ykn *koosara /waxii;* [c]29 ykn *subba beessee;* [d]34 ykn *seera*

isin wal-Jaalattan namoonni martinuu akka isin barattoota kiyya taatan wal-jaalachuu keessaniin beeku.

36 Simoon Pheexiroosis, "Yaa Gooftaa, eessa dhaxxa?" jedhee isa gaafate.

Yesuusis, "ati amma bakka ani dhaqu na faana deemuu hin dandeettu; booddee garuu na hordofta" jedhee deebiseef.

37 Pheexiroosis, "Yaa Gooftaa, ani maaliif amma si faana deemuu hin dandeenye? Ani sii jedhee lubbuu kiyyallee nankenna" jedheen.

38 Yesuusis deebisee, "ati dhuguma naaf jettee lubbuu kee ni kennitaa? Ani dhuguman sitti hima; otoo kormi lukkuu[e] hin iyyin ati yeroo sadii na ganta[f] "jedheen.

**Yesuus Barattoota Isaa Jajjabeessuu Isaa**

14 "Garaani keessan hin raafamin; Waaqatti amanaa[g]; nattis amanaa.
2 Mana Abbaa kiyyaa keessa bakka[h] jireennaa baay'eetu jira; otoo akkana ta'uu baatee isinitti nan hima ture; ani bakka isinii qopheessuuf achi dhaqaatii.
3 Anis eegii dhaqee bakka isinii qopheessee booddee[i], akka isinis bakka ani jiru jiraattaniif deebi'ee dhufee ofitti isin fudhadha.
4 Isinis karaa bakka ani dhaqutti geessu beettu."

**Yesuus Karaa Gara Abbaatti Geessu Ta'uu Isaa**

5 Toomaasis, "Yaa Gooftaa, ati eessa akka dhaxxu nu hin beennu; yoos akkamitti karaa sana beekuu dandeenya ree?" jedheen.

6 Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "karaa fi dhugaani, jireennis anuma; yoo anaan ta'e malee eennuyyuu gara Abbaa hin dhufu.
7 Otoo na beettanii silaa Abbaa kiyyas akkasuma ni beettu turtan; ammaa jalqabdaniis isa beettu; isas argitaniirtu."

8 Filiphoosis, "Yaa Gooftaa, Abbaa nutti agarsiisi[j]; kunis nu gaha" jedheen.

9 Yesuusis akkana isaan jedhe; "yaa Filiphoos, ani yeroo dheeraa akkanaa isin waliin jiraadhee, ati ammallee na hin beennee? Namni na arge Abbaas argeera; yoos ati akkamitti, 'Abbaa nutti agarsiis' jechuu dandeessa ree?
10 Akka ani Abbaa keessa jiru, Abbaanis akka na keessa jiru ati hin amantuu? Ani dubbii isinitti dubbadhu kana ofuma kiyyaan hin dubbadhu; garuu Abbaani inni na keessa jiraatu hujii isaa ni hojjata.
11 Akka ani Abbaa keessa jiru, Abbaanis akka na keessa jiru na amanaa; yookaan sababii hujii dinqii[k] sanaatiif jedhaatii na

[e] 38 ykn *handaaqqoo/indaanqoo;* [f] 38 ykn *na mormatta;* [g] 1ykn *dhugeeffadhaa;* [h] 2 ykn *fulaa;* [i] 3 ykn *duubatti;* [j] 8 ykn *nu agarsiisi;* [k] 11 ykn *baasaa/ajaa'ibaa/mamaa*

amanaa. 12Ani Dhuguman isinitti hima; namni natti amanu hujii ani hojjadhu ni hojjata; ani waan gara Abbaa dhaquuf kan natti amanu waan kana caaluyyuu ni hojjata. 13Akka Abbaan ilma isaatiin ulfinna argatuuf ani waan isin maqaa kiyyaan kadhattan cufa nan raawwadha[l]. 14Yoo isin waanuma fedheyyuu maqaa kiyyaan kadhattan ani nan raawwadha.

### Yesuus Akka Hafuura Qulqulluu Erguu Abdachiisuu Isaa

15"Isin yoo na jaalattan ajaja kiyya ni eeddu; 16Ani Abbaa nan kadhadha; innis akka inni barabaraan isin bira jiraatuuf jajjabeessaa dhibii[m] isinii kenna.

17Jajjabeessaan kunis Hafuura[n] dhugaa ti; addunyaan waan isa hin argineef yookiin waan isa hin beenneef isa fudhachuu hin danda'u; isin garuu waan inni isin bira jiraatuuf, isin keessas waan jiruuf isa ni beettu. 18Ani akka ijoollee haadhaa fi abbaa hin qabneetti isin hin dhiisu; gara keessan nan dhufa. 19Yeroo gabaabduu booddee addunyaan deebi'ee na hin argu; isin garuu na argitu; sababii ani jiraadhuuf isinis ni jiraattu. 20Akka ani Abbaa kiyya keessa jiru, akka isin na keessa jirtan akka anis isin keessa jiru guyyaa sana ni beettu. 21Namni ajaja kiyya uf-biraa qabu, isas kan eegu, inni nama na jaalatuu dha; nama na jaalatu Abbaan kiyya ni jaalata; anis isa nanjaaladha; isattis uf nan muldhisa."

22Yihuudaa Asqorooticha otoo hin ta'in Yihuudaani kaan, "Yaa Gooftaa, ati maaliif addunyaatti otoo hin ta'in nutti uf muldhisuu barbaadda?" jedheen.

23Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "namni kamiyyuu yoo na jaalate dubbii kiyya ni eega; Abbaani kiyya isa ni jaalata; nus gara isaa ni dhufna; isa waliinis nijiraanna. 24Namni na hin jaalanne dubbii kiyya hin eegu; dubbiin isin dhageessan kunis kan Abbaa na erge sanaa ti malee kiyyaa miti.

25"Ani otuma isin wajjiin jiruu waan kana hunda isinitti himeera. 26Jajjabeessaan sun jechuunis Hafuurri qulqulluuni[o] Abbaan maqaa kiyyaan ergu sun garuu waan cufa isin barsiisa; waan ani isinitti hime maras isin yaadachiisa[p]. 27Ani nagaya isin biratti nan hambisa; nagaya kiyyas isiniif nan kenna; ani akka addunyaan kennutti isiniif hin kennu; garaan keessan hin raafamin; hin sodaatinis.

28"Isin akka ani, 'ani nan deema; deebi'ees gara keessan

[l]13 ykn *intolcha;* [m]16 ykn *biraa;* [n]17 ykn *ayyaana;* [o]26 ykn *Ayyaanni Woyyuun;* [p]26 ykn *qaabsisa*

nan dhufa' jedhe dhageettaniirtu; otoo na jaalattanii silaa gara Abbaa dhaquu kiyyaati ni gammaddu turtan; Abbaani na caalaatii. [29]Yommuu wanni kun ta'utti akka isin amantaniif otoo inni hin ta'in ani amma duraan dursee isinitti himeera. [30]Waan bulchaan addunyaa kanaa dhufuuf, ani ammaan achi isin waliin baay'ee hin dubbadhu; innis narratti aangoo[q] hin qabu; [31]Garuu akka ani Abbaa jaaladhu addunyaani akka beekuuf, ani akkuma Abbaan na ajajetti nan raawwadha .

"Ka'aa asii ni deemnaa.

### Muka Wayiniitii Fi Dameewwan Isaa

**15** "Ani muka wayinii dhugaati; kan dhaabes Abbaa kiyya. [2]Inni damee kiyya kan firii[r] hin naqanne cufa muree gata; damee firii gaarii naqatu ammoo akka caalaatti naqatuuf irraa qora[s]. [3]Isinis dubbii ani isinitti dubbadheen ammayyuu qulqullooftaniirtu. [4]Na keessa jiraadhaa; anis isin keessan nan jiraadhaa; akkuma dameen tokko yoo muka wayiniitti jiraattu malee ofuma isiitiin firii naqachuu hin dandeenye, isinis yoo na keessa jiraattan malee firii naqachuu hin dandeettan.

[5]"Ani muka wayinii ti; isini immoo dameewwan. Namni tokko yoo na keessa jiraate, anis yoo isa keessa jiraadhe inni firii baay'ee naqata; isin narraa gargari baatanii womaa gochuu hin dandeettaniitii. [6]Namni na keessa hin jiraanne kamiyyuu akka damee gadi gatamee gogu tokkoo ti. Dameewwan akkanaa walitti qabamanii ibiddatti naqamu; ni gubamus. [7]Isin yoo na keessa jiraattan, dubbiin kiyyas yoo isin keessa jiraate, waanuma feetan kadhadhaa; innis isiniif ni kennama. [8]Isin firii baay'ee naqachuudhaan akka barattoota kiyya taatan yoo mirkaneessitan, kanaan Abbaani kiyya ulfinna argata.

[9]"Akkuma Abbaan na jaalatetti anis akkasuma isin jaaladheera; jaalala kiyya keessa jiraadha. [10]Akkuma ani ajaja[t] Abbaa kiyyaa eegee jaalala isaa keessa jiraadhu, isinis yoo ajaja kiyya eeddan jaalala kiyya keessa ni jiraattu. [11]Akka gammachuun kiyya isin keessa jiraatuu fi gammachuun keessanis akka guutuu ta'uuf ani waan kana isinitti himeera.[12]Ajajni kiyya isa kana; akkuma ani isin jaaladhetti isinis wal-jaaladhaa. [13]Eenyulleen jaalala guddaa namni tokko lubbuu isaa dabarsee michoota[u] isaatiif kennu sana irra caalu hin qabu. [14]Waan ani isin ajaje yoo

[q]30 ykn *jabeenna;* [r]2 ykn *midhaani;* [s]2 ykn *kuta;* [t]10 ykn *seera;* [u]13 ykn *jaallan*

raawwattan[v] isin jaallan kiyya. 15 Garbichi waan gooftaan isaa hojjatu waan hin beenneef ani ammaan achi garboota isiniin hin jedhu; qooda kanaa ani michoota isiniin jedheera; Ani waan Abbaa kiyya irraa dhagaye hundumaa isin beessiseeraatii. 16 Isinis akka dhaxxanii firii naqattaaniif, firiin keessanis akka jiraatuuf nattu isin filatee isin muude malee isin na hin filanne; kunis akka Abbaan waan isin maqaa kiyyaan kadhattan mara isinii kennuuf. 17 Ajajni kiyya isa kana: wal -jaaladhaa.

### Biyyi Lafaa Barattoota Jibbuu Isaa

18 "Biyyi lafaa yoo isin jibbe, otoo isin hin jibbin dura akka na jibbe beekaa. 19 Isin otoo kan biyya lafaa taatanii, biyyi lafaa akka kan mataa isaatti isin jaalata ture; amma garuu waan ani biyya lafaa keessaa isin filadheef isin kan biyya lafaatii miti; biyyi lafaas kanumaaf isin jibba. 20 Dubbii ani, 'garbichi gooftaa isaa hin caalu' isiniin jedhe sana yaadadhaa[w]. Isaan erga na gaargalchanii[x], isinis akkasuma gaargalchu; dubbii kiyyas erga eeganii keessanis akkasuma ni eegu. 21 Isaan sababii isa na erge sana hin beenneef, maqaa kiyyaaf jedhanii waan kana cufa isin irratti raawwatu. 22 Otoo ani dhufee isaanitti himuu baadhee silaa cubbuu isaanitti hin ta'u ture; amma garuu cubbuu isaaniitiif sababii dhiyeeffatan hin qaban. 23 Namni na jibbu Abbaa kiyyas akkasuma ni jibba. 24 Otoo ani hujii namni biraa[y] tokkoyyuu hin hojjatin jidduu isaaniitti hojjachuu baadhee silaa cubbuu isaanitti hin ta'u ture; Amma garuu otuma waan ani hojjadhe arganuu anas Abbaa kiyyas jibbaniiru. 25 Kunis akka dubbiin seera isaanii keessatti, 'isaan sababii malee na jibban' jedhamee barreeffame sun raawwatamuuf ta'e.

26 "Garuu jajjabeessaan ani Abbaa biraa isinii ergu, jechuunis Hafuurri[z] Dhugaa inni Abbaa keessaa ba'u sun yommuu dhufutti waayee kiyya ni dhugeessa[a]. 27 Isinis jalqabaa kaaftanii waan na waliin turtaniif ni dhugeessitu.

**16** “Ani akka isin hin gufanneef jedhee kana hundumaa isinitti himeera. 2 Isaani mana sagadaa keessaa isin ariyu; Dhugumaan yeroon itti namni isin ajjeesu kamiyyuu akka waan Waaqa tajaajiluutti[b] yaadu tokko ni dhufa. 3 Isaanis waan Abbaa yookiin na hin beekiniif kana godhu. 4 Isinis Waayee isaanii isinitti himuu kiyya yommuu yeroon sun gawutti akka qaabattaniif[c]

[v]14 ykn *guuttan;* [w]20 ykn *qaabadhaa;* [x]20 ykn *ariyatanii/baqachiisanii;* [y]24 ykn *dhibiini;* [z]26 ykn *ayyaanni;* [a]26 ykn *ni rageessa/ dhugaa ba'a,* [b]2 ykn *Waaqaa hojjatuutti;* [c]4 ykn *yaadattaniif*

ani waan kana isinitti dubbadheera. Ani waan isin wajjiin tureef jalqabatti kana isinitti hin himne.

**Hujii Hafuura Qulqulluu**

[5]"Amma garuu ani gara isa na ergee nan dhaqa; ta'us isin keessaa namni, 'ati eessa dhaxxa?' jedhee na gaafatu tokkolleeni hin jiru. [6]Garuu waan ani kana isinitti himeef akka malee gadditaniirtu[d]. [7]Ani garuu dhuguman isinitti hima; deemuun kiyya bu'aa isiniif qaba; yoo ani deeme malee jajjabeessaan sun gara keessan hin dhufu; ani yoo deeme garuu isa isiniif nan erga. [8]Innis yommuu dhufutti uumata addunyaa waayee cubbuu, waayee qajeelummaatii fi waayee murtii hubachiisa[e]. [9]Wonni inni waayee cubbuu hubachiisuuf sababii namoonni natti hin amanneef[f]; [10]Wonni inni waayee qajeelummaa hubachiisuuf sababii ani gara Abbaa dhaquutii fi sababii isinis kana booddee na hin argineef. [11]Wonni inni waayee murtii hubachiisuufis sababii bulchaa addunyaa kanaatti murameef.

[12]"Ani ammallee waan isinitti himu baay'ee qaba; isin garuu amma baachuu hin dandeettan. [13]Hafuurri dhugaa sun yommuu dhufutti gara dhugaa maraatti isin geessa; inni waan dhagawu qofa dubbata malee ufuma isaatiin hin dubbatu; waan dhufuuf jirus isinitti hima. [14]Inni waanuma kiyya fuudhee waan isinitti himuuf ulfinna naa kenna. [15]Wonni Abbaan qabu hundinuu kiyyuma; Inni waanuma kiyya fuudhee isinitti hima jechuun kiyyas kanaaf.

[16]"Isin yeroo gabaabaaf na hin argitan; yeroo gabaabaan duubatti ammoo na argitu."

**Gaddi Barattootaa Gammachuutti Ni jijjiirama**

[17]Barattoota isaa keessaas tokko tokko, " 'isin yeroo gabaabaaf na hin argitan; Yeroo gabaabaan duubatti ammoo na argitu,' akkanumas 'ani waan gara Abbaa dhaquuf' jechuun isaa maal jechuu isaati?" waliin jedhan. [18]Isaanis, " 'yeroo gabaabaa' jechuun isaa maal jechuu isaa tii? Maal jechuu isaa akka ta'e nu hin beennu" jedhan.

[19]Yesuusis akka isaan isa gaafachuu barbaadan beekee akkana jedheen; "wonni ani, 'isin yeroo gabaabaaf na hin argitan; yeroo gabaabaan duubatti ammoo na argitu' jedhe sun maal jechuu kiyya akka ta'e wal-gaafachaa jirtuu? [20]Ani dhuguman isinitti hima; isin ni boottu; ni wawwaattus[g]. Biyyi lafaa garuu ni gammada. Isin ni gadditu; gaddi

[d]6 ykn *laaleffattaniirtu;* [e]8 ykn *ajiifata/ coqosa;* [f]9 ykn *hin dhugeeffanneef;* [g]20 ykn *ni aaddus*

keessan garuu gammachuutti
ni jijjiirama. [21]Dubartiin tokko
yommuu ciniinsifattu, waan yer-
oon isii ga'eef ni cinqamti; eega
daa'ima deessee booddee garuu
waan addunyaa irratti namni
dhalateef, isiinis waan gam-
madduuf cinqama sana hin
yaadattu. [22]Isiniifis akkasuma yer-
oon kun yeroo gaddaa ti; ani
garuu deebi'ee isin ilaala, isinis
ni gammaddu. Gammachuu
keessanis eennuyyuu isin irraa
hin fudhatu. [23]Guyyaa sana isin
womaa na hin kadhattan; ani
dhuguman isinitti hima; isin
yoo waanuma feetan maqaa
kiyyaan Abbaa kadhattan inni
isinii kenna. [24]Isin hanga am-
maatti maqaa kiyyaan womaa
hin kadhanne; gammachuun kees-
san akka guutuu ta'uuf kadhadhaa,
ni argattus.

[25]"Ani waan kana fakkeenyaan
isinitti himeera; garuu yeroon ani
deebi'ee fakkeenyaan isinitti hin
dubbanne tokko ni dhufa; yom-
mus ani waayee Abbaa kiyyaa
ifatti baasee isinitti hima. [26]Isin
guyyaa sana maqaa kiyyaan ni
kadhattu; anis qooda keessan
Abbaa nan kadhadha jechuu
miti.[27]Isin waan na jaalattaniif,
Abbaa biraa ba'ee dhufuu kiyyas
waan amantaniif Abbaan mataan
isaa isin jaalata. [28]Ani Abbaa
biraa bahee gara biyya lafaa
dhufeera; ammas biyya lafaa
dhiisee gara Abbaa nan dhaqa."

[29]Barattoonni isaas akkana
jedhan; "kunoo, ati ammayyuu
fakkeennaan otoo hin ta'in ifatti
baaftee dubbachaa jirta! [30]Akka
ati waan cufa beettuufi akka
namni tokkolleen gaafii si
gaafachuu hin barbaachifne nu
amma hubanneerra. Kunis akka
ati Waaqa biraa dhufte nu aman-
siisa."

[31]Yesuusis deebisee akkana
jedheen; "isin amma dhuguma
amantaniirtuu? [32] Yeroon isin itti
kophaatti na dhiiftanii gara mana
keessaniitti bittinnooftan tokko
ni dhufa; ammumayyuu dhufeera.
garuu Abbaan kiyya waan na
waliin jiruuf ani kophaa kiyyaa
miti.

[33]Akka isin na keessa jiraach-
uudhaan nagaya qabaattaniif ani
kana isinitti himeera; biyya lafaa
kana irratti rakkinni isin argata;
garuu jabaadhaa! ani biyya lafaa
Moo'adheeraatii."

### Yesuus Ufiif Kadhachuu Isaa

**17** Yesuus erga waan kana
dubbatee booddee[h] gara
samii ol -ilaalee akkana jedhee
kadhate;

"Yaa Abbaa, sa'aatiin sun
gayeera; akka Ilmi kee ulfinna
sii kennuuf, atis Ilma keetii
ulfinna kenni. [2]Inni warra ati

[h] 1 ykn *duubatti*

isatti kennite maraaf akka jireenya barabaraa kennuuf, nama mara irratti aangoo[i] isaaf kenniteertaatii. **3**Jireenyi barabaraas isa kana; innis si Waaqa dhugaa tokkichaa fi Yesuus Kiristoos isa ati ergite sana beekuu dha. **4**Ani hujii ati akka ani hojjadhuuf natti kennite sana raawwachuundhaan[j] biyya lafaa irratti ulfinna sii keneera. **5**Yaa Abbaa, amma immoo ati ulfinna ani otoo addunyaan hin uumaminiin dura si biratti qabaadhe sanaan of biratti na ulfeessi.

### Yesuus Barattoota Isaatiif Kadhachuu Isaa

**6**"Ani warra ati addunyaa keessaa natti kennitetti maqaa kee beessiseera. Isaan kankee turan; ati natti isaan kennite; isaanis dubbii kee eeganiiru. **7**Isaanis akka wonni ati natti kennite hundumtuu si biraa dhufe amma ni beeku.
**8**Ani dubbii ati naa kennite isaanii kenneeraatii; isaanis fudhataniiru. Akka ani si biraa dhufes dhugumaan beekaniiru; akka ati na ergites amananiiru[k]. **9**Ani isaaniif nan kadhadha; warri ati naa kennite waan kankee ta'aniif isaaniif kadhadha malee biyya lafaatiif hin kadhadhu. **10**Wonni ani qabu cuftinuu kee ti; wonni ati qabdu cuftinuus kiyya; anis kanaan ulfinna nan argadha. **11**Ani kana booddee biyya lafaa irra hin jiraadhu; isaan garuu biyya lafaa irra jiru; ani gara kee nan dhufa. Yaa Abbaa Qulqulluu[l], akkuma nu tokko taane sana isaanis akka tokko ta'aniif maqaa kee isa naa kennite sanaan isaan eegi. **12**Ani yeroo isaan waliin turetti, maqaa kee isa ati naa kennite sanaan isaan eegeera. Isaan tisseeras. Akka dubbiin Kitaabaa raawwatamuufis ilma badii sana malee isaan keessaa namni tokkolleen hin banne.

**13**"Amma garuu ani gara kee nan dhufa; gammachuun koos akka isaan keessatti guutuu ta'uuf, ani otuma addunyaa irra jiruu kana dubbadha. **14**Ani dubbii kee isaaniif kenneera; akkuma ani kan addunyaa hin ta'in, isaanis waan kan addunyaa hin ta'iniif, addunyaan isaan jibbeera. **15**Ani akka ati isa hamaa sana isaan irraa eedduuf malee akka ati addunyaa keessaa isaan baaftuuf si hin kadhadhu. **16**Akkuma ani kan

[i]2 ykn *guddinna;* [j]4 ykn *hojjachuun;* [k]8 ykn *ya dhugeeffatani*; [l]11 ykn *wayyuu*

addunyaa hin ta'in isaanis
akkasuma kan addunyaatii
miti. 17 Dhugaan isaan qulqu-
lleessi dubbiin kee dhugaa
dha. 18 Akkuma ati gara ad-
dunyaatti na ergite sana anis
gara addunyaatti isaan
ergeera. 19 Akka isaan dhug-
aadhaan qulqullaa'aniif, ani
isaaniif jedhee uf qulqulleessa.

### Yesuus Amantoota Maraaf Kadhachuu Isaa

20 "Ani warra dubbii
isaaniitiin natti amananiifis
malee isaan kana qofaaf hin
kadhadhu. 21 Kunis yaa Ab-
baa, akkuma ati na keessa
jirtu, anis si keessa jiru sana,
akka hundumti isaanii tokko
ta'aniif; akka ati na ergite
addunyaan akka amanuuf
isaanis nu keessa haa
jiraatanii. 22 Akkuma nu tokko
taane isaanis akka tokko
ta'aniif, ulfinna ati naaf ken-
nite sana anis isaaniif ken-
neera; 23 Kunis akka isaan
guutummaatti tokko ta'aniif
ani isaan keessa, atis na
keessa jiraachuun akka ati
na ergitee fi akkuma na
jaalattetti akka isaanis jaalatte,
akka addunyaan beekuuf.

24 "Yaa Abbaa, akka warri
ati naa kennite kunniin
bakka[m] ani jiru na waliin
jiraatanii fi akka isaan
ulfinna kiyya kan ati otoo
addunyaan hin uumaminiin
dura waan na jaalateef jettee
naa kennite arganis nan
barbaada.

25 "Yaa Abbaa, Yaa Qajee-
laa, addunyaan si hin beeku;
ani garuu si beeka; isaan
kunis akka ati na ergite ni
beeku. 26 Jaalalli ati ittiin na
jaalatte isaan keessa akka
jiraatuuf, anis isaan keessa
akka jiraadhuuf ani akka
maqaan kee isaan biratti
beekamu godheera; akka
beekamus nan godha.

### Yesuus Qabamuu Isaa

*18:3-11 Kwf ⇒ Mat 26:47-56; Mar 14:43-50; Luq 22:47-53*

**18** Yesuus erga kadhannaa
kana raawwatee booddee[n]
ka'ee barattoota isaa waliin sulu-
la[o] Qeedirooni gama bakka[p]
ashaakiltiin ture tokkotti ce'e[q];
innis, barattoonni isaas achi
keessa seenan.

2 Yesuus yeroo baay'ee waan
barattoota isaa wajjiin achitti
wal-argaa tureef, Yihuudaan
dabarsee Yesuusin kennu sun
bakka sana beeka ture. 3 Kanaaf
Yihuudaan tuuta loltootaa, akka-
sumas qondaaltota luboota han-
gafootaa[r] fi Fariisota biraa erga-
man fudhatee bakka ashaakiltii

[m]24 ykn *fulaa;* [n]1 ykn *fixateen duubatti;* [o]1 ykn *bowwaa;* [p]1 ykn *fulaa;* [m]l ykn *taakkeen;* [r]3 ykn *qaallolee gugurdoofi*

sana dhufe; isaanis: guca[s], faanosii[t]
fi mi'a lolaa qabatanii turan.
**4**Yesuusis waan isa irra ga'uuf
jiru mara beennaan gadi ba'ee,
"isin eennun barbaaddu?" jedhee
isaan gaafate.
**5**Isaanis deebisanii, "Yesuusin,
namicha Naazireeti" jedhan.
Yesuus ammoo, "inni anuma"
jedhe. Yihuudaan inni dabarsee
isa kennu sunis jara waliin achi
dhaabatee ture. **6**Yommuu Ye-
suus, "inni anuma" isaaniin jed-
hetti dudda duubatti hiiqanii
kukkufan[u].
**7**Ammas, "isin eennun bar-
baaddu?" jedhee isaan gaafate.
Isaanis, "Yesuusin, namicha
Naazireeti" jedhan.'
**8**Yesuusis deebisee; "ani, 'inni
anuma' isiniin jedheera; Kanaaf,
isin erga na barbaaddanii namoota
kanneen dhiisaa haa deemanii!"
jedhe. **9**Kunis akka dubbiin inni,
"ani warra ati naa kennite kees-
saa tokkollee hin ganne" jedhee
dubbate sun raawwatamuuf ta'e.
**10**Simoon Pheexiroosis waan
goraadee qabatee tureef, goraadee
isaa luqqifatee garbicha luba ol
aanaa dhayee gurra isaa kan mir-
gaa irraa kute; maqaan garbicha
sanaas Maalkoos ture.
**11**Yesuusis Pheexiroosiin,
"goraadee kee man'eesaatti[v] dee-
bisi; ani xuwwaa[w] Abbaan naa
qopheesse hin dhuguu?" jed-
heen.

### Yesuus Gara Haannaa Geeffamuu Isaa

*18:12, 13 Kwf ⇒ Mat 26:57*

**12**Tuunni loltootaatii fi ajajaan
kumaa qondaaltonni Yihuudotaas
Yesuusin qabanii hidhan. **13**Isaanis
duraan dursanii Haannaatti isa
geessan; Haannaan abbaa niitii[x]
Qayyaaffaa ture; Qayyaaffaan
immoo bara sana luba olaanaa
ture. **14**Qayyaaffaan isa akka namni
tokko uumataaf du'uun wayyu
Yihuudota gorse sana.

### Pheexiroos Yeroo Jalqabaatiif Yesuusin Ganuu Isaa

*18:16-18 Kwf ⇒ Mat 26:69; 70; Mar 14:66-68; Luq 22:55-57*

**15**Simoon Pheexiroosii fi bara-
taan dhibiin[y] Yesuus faana
bu'an; barataan sunis waan luba
ol aanaa biratti beekkamaa tureef,
Yesuus waliin dallaa mana luba
ol aanaa ol seene. **16**Pheexiroos
garuu balbala dura ala[z] dhaa-
bachaa ture. Barataan luba ol
aanaa biratti beekkamaa ture sunis
gadi bayee intala balbala eeddutti
himee Pheexiroosin ol seensise.
**17**Intalli balbala eeddu sunis
Pheexiroosiin, "atis barattoota
namicha kanaa keessaa tokkoo
mitii?" jette.

[s]3 ykn *uchuma/muka ibiddaa;* [t]3 ykn *ibsaa;* [u]**6** ykn *jijjigan;* [v]11 ykn *qalqala /mana;* [w]11 ykn *buduunuu;* [x]13 ykn *soddaa/abbiyyuu/jaarsa soddaa;* [y]15 ykn *biraa;* [z]16 ykn *diida*

Innis immoo deebisee, "lakki, anaa miti" jedhe.

[18]Yeroon isaa waan dhaamocha tureef garboonni fi qondaaltonni ibidda cilee qabsiifatanii dhadhaabatanii qaqqaammachaa[a] turan; Pheexiroosis isaan waliin dhaabatee qaqqaammachaa ture.

**Gaafii Lubichi ol aanaan Yesuusiif Dhiyeesse**

*18:19-24 Kwf ⇒ Mat 26:59-68; Mar 14:55-65; Luq 22:63-71*

[19]Yommus lubni ol aanaan Yesuusin waayee barattoota isaatii fi waayee barsiisa isaa gaafate.

[20]Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "ani ifatti baasee addunyaatti dubbadheera; bakka Yihuudonni cufti itti walitti qabamanitti, manneen sagadaatii fi mana qulqullummaa keessattis ani yeroo cufa barsiisaa ture; ani waan tokkollee dhossaatti hin dubbanne. [21]Ati maaliif na gaafatta? Warra waan ani isaaniin jedhe dhagayan gaafadhu; isaan waan ani jedhe beeku."

[22]Yommuu Yesuus kana jedhetti qondaaltota achi dhadhaabachaa turan keessaa tokko,"luba ol aanaaf akkana deebiftaa?" jedhee isa dhabanaase[b].

[23]Yesuusis deebisee, "yoo ani waan hamaa dubbadhee jiraadhe, waan hamaa sana dhugaa ba'i[c]; yoo ani waan qajeelaa dubbadhee jiraadhe garuu ati maaliif na dhoofta?" jedhe. [24]Haannaanis Yesuusin akkuma inni hidhamee jirutti gara luba ol aanaa, gara Qayyaaffaatti isa erge.

**Pheexiroos Yeroo Lammaffaa Fi Sadaffaa Yesuusin Ganuu Isaa**

*18:25-27 Kwf ⇒ Mat 26:71-75; Mar 14:69-72; Luq 22:58-62*

[25]Simoon Pheexiroos otoo dhaabatee ibidda qaqqaammachaa jiruu, "atis barattoota namicha kanaa keessaa tokkoo mitii?" jedhaniin.

Inni ammoo, "lakki, anaa mitii" jedhee gane[d].

[26]Garboota luba ol aanaa keessaas firri namicha isa Pheexiroos gurra isaa irraa kute sanaa tokko, "ani bakka ashaakiltiitti isa wajjiin si hin agarree?" jedhee gaafate. [27]Pheexiroos ammas ni gane; yoosumas kormi lukkuu iyyee.

**Yesuus Fuula Philaaxoosi Duratti Dhiyeeffamuu Isaa**

*18:29-40 Kwf ⇒ Mat 27:11-18, 20- 23; Mar 15:2-15; Luq 23:2; 3, 18-25*

[28]Yihuudonnis Yesuusin mana Qayyaaffaatii fuudhanii mana mootummaa bulchaa warra Roomaatti geessan; yeroon isaas ganama barii ture; Yihuudonnis akka hin xuroomneef jedhanii mana mootummaa ol hin seenne. Kunis akka faasikaa nyaachuu

[a]18 ykn *oo'ifata'aa;* [b]22 ykn *kabale;* [c]23 ykn *dhugeessi/rageessi;* [d]25 ykn *mormate*

danda'aniif. 29Kanaaf Philaaxoos
gara isaaniitti gadi ba'ee, "himanni
isin namicha kana irratti dhiy-
eessitan maali?" jedhee gaafate.
30Isaanis, "otoo namichi kun
yakka hojjachuu baatee nu silaa
isa dabarsinee sitti hin kenninu
ture" jedhanii deebisaniif.
31Philaaxoosis, "isin ufuma
keessanii isa fudhaatii akka seera
keessaniitti itti muraa" jedheen.
Yihuudonnis, "nama tokkollee
ajjeesuun nuuf hin eeyyamamu"
jedhaniin. 32Kunis wonni Yesuus
akka du'a akkamiitiin du'u
argisiisuuf jedhee dubbate sun
akka raawwatamuuf ta'e.
33Philaaxoosis deebi'ee mana
mootummaa seene; Yesuusinis
ofitti waamee,"mootiin Yihuu-
dotaa si'ii?" jedhee isa gaafate.
34Yesuusis, "Kuni yaaduma keeti
moo yookaan namoota biraatu
waayee kiyya sitti hime?" jedhee
gaafate.
35Philaaxoosis deebisee, "nattu
Yihuudiidhaa ree? kan dabarsee
natti si kenne sabuma keetii fi
luboota hangafoota; garuu ati maal
balleessitee ti?" jedheen.
36Yesuusis "Mootummaan kiyya
kan addunyaa kanaatii miti; otoo
kan addunyaa kanaa ta'ee, akka
ani dabarfamee Yihuudotatti hin
kennamneef tajaajiltoonni[e] kiyya
naa lolu turan; amma garuu
mootummaan kiyya kan addun-
yaa kanaatii miti" jedhe.
37Philaaxoosis; "yoos ati mootiidha
kaa!" jedheen.
Yesuus ammoo,"akka ani mootii
ta'e dubbachuun kee sirrii dha;
ani dhugaaf rageessuuf jedhee
dhaladhe; wonni ani gara addun-
yaa dhufeefis kanuma; namni
dhugaaf dhaabatu martinuu
qoonqa[f] kiyya dhagaya" jedhee
deebise.
38Philaaxoosis; "dhugaan maal
innii?" jedheen. Innis eegii kana
dubbatee booddee ammas Yi-
huudotatti gadi bayee akkana
jedheen; "Ani balleessaa tokkol-
lee isa irratti hin arganne. 39Ga-
ruu isin akka ani yeroo Faasi-
kaatti nama tokko mana hidhaatii
gadi isinii dhiisu amala godhat-
taniirtu; kanaaf akka ani, 'Mootii
Yihuudotaa gadi isinii dhiisu
barbaadduu'?"
40Isaan ammallee iyyaanii, "lakki,
Barbaan malee isaa miti" jedhan.
Barbaanis saamtuu ture.

### Fannifamuun Yesuusitti Murame

*19:1-16 Kwf ⇒ Mat 27:27-31; Mar 15:16-20*

**19** Philaaxoosis Yesuusin ofitti
fuudhee garafsiise. 2Lol-
toonnis gonfoo[g] qoraattii mi-
ciiranii dha'anii mataa isaa irra
kaayan. Isaanis wayyaa dhiilgee[h]
isatti uffisanii; 3"Akkam ree, yaa

[e]36 ykn *hojjattoonni;* [f]37 ykn *sagalee / qoonqoo;* [g]2 ykn *surree ruufaa;* [h]2 ykn *diimtuu*

Mootii Yihuudotaa" jechaa gara isaatti dedeebi'aa turan; isas ni kabalan[i] .

4Philaaxoos ammas gadi ba'ee, Yihuudotaan, "akka ani balleessaa tokkollee isa irratti hin argatin akka beettaniif kunoo ani isa gad isinii baasa" jedhe.
5Yesuusis gonfoo qoraattii keewwatee, wayyaa dhiilgees uffatee gadi ba'ee; Philaaxoosis, "namichi kunoo ti!" isaaniin jedhe.

6Luboonni hangafoonnii[j] fi qondaaltonni yommuu isa arganitti, "isa fannisaa! isa fannisaa!" jedhanii iyyan.

Philaaxoos ammoo deebisee, "isin ufuma keessanii fuudhaatii isa fannisaa malee ani balleessaa tokkollee isa irratti hin arganne" jedheen.

7Yihuudonnis deebisanii, "nu seera qabna; namichi kun waan Ilma Waaqaa of-godheef akka seera keennaatti du'uu qaba" jedhan.

8Philaaxoosis, "yommuu dubbii kana dhaga'etti ittuma caalchisee sodaate.
9Innis mana mootummaatti ol deebi'ee, "ati eessaa dhufte?" jedhee Yesuusin gaafate. Yesuus garuu deebii tokkollee hin kennineef.
10Philaaxoosis, "maaliif na jalaa didda? Akka ani gadi si dhiisuuf yookaan si fannisuuf aangoo[k] qabu ati hin beettuu?" jedheen.

11Yesuusis,"ati otoo olii sii kennamuu baatee aangoo tokkollee narratti hin qabdu ture; kanaaf inni dabarsee sitti na kenne sun caalaatti cubbuu qaba" jedhee deebiseef.

12Philaaxoosis yeroo sanaa jalqabee Yesuusin gadi dhiisuu barbaada ture; Yihuudonni garuu, "ati yoo namicha kana gadi dhiifte michuu[l] Qeesaariitii miti; namni mootii of godhu cufti inni Qeesaariin morma" jedhanii iyyan.

13Philaaxoosis yommuu dubbii kana dhaga'etti Yesuusin gadi baasee, bakka[m] "dhagaa buufamaa" kan afaan Ibraayisxiitti "gabataa" jedhamutti barcumaa murtii irra taa'e.
14Guyyaan sunis guyyaa qophii torban faasikaa ture; yeroon isaas gara sa'aatii ja'affaa ture.

Philaaxoosis Yihuudotaan, "mootiin keessan kunoo ti!" jedhe.
15Isaan garuu, "balleessi! balleessi! isa fannisi!" jedhanii iyyan.

Philaaxoos ammoo, "mootii keessan fannisu moo?" jedhee gaafate.

Luboonni hangafoonnis, "nu Qeesaar malee mootii dhibii[n] hin qabnu" jedhanii deebisaniif.

16Kanaaf Philaaxoos akka inni fannifamuuf dabarsee isaanitti isa kenne.

[i]3 ykn *dhabanaasan* [j]6 ykn *qaallolee gugurdoofi;* [k]10 ykn *jabeenna;* [l]12 ykn *jaala;* [m]13 ykn *fulaa;* [n]15 ykn *biraa*

### Yesuus Fannifamuu Isaa

*19:17-24 Kwf ⇒ Mat 27:33-44; Mar 15:22-32; Luq 23:33-43*

Isaanis Yesuusin fuudhanii deeman. [17]Innis fannoo ofii isaa baadhatee bakka "buqqee mataa" kan afaan Ibraayisxiitiin "Golgootaa" jedhamutti ol-bahe. [18]Isaanis achitti isa fannisan; isa waliinis namoota gara biraa lama, tokko karaa mirgaatiin, tokko karaa bitaatiin, Yesuusin immoo jidduu isaaniitti fannisan.

[19]Philaaxoosis beessisa, "Yesuus nama Naazireeti, Mootii Yihuudotaa" jedhu tokko barreesse fannoo sanatti maxxanse. [20]Bakki Yesuus itti fannifame waan magaalaatti[o] dhiyoo tureef Yihuudonni hedduun beessisa sana dubbisaniiru; beessisni sunis afaan Ibraayisxiitiin, Laatiinii fi Girikiitiin barreeffamee ture. [21]Luboonni hangafoonnis Philaaxoosiin, "namichi kun, 'ani mootii Yihuudotaa ti jedheera' jedhii barreessi malee, 'inni Mootii Yihuudotaa ti' jettee hin barreessin" jedhaniin.

[22]Philaaxoosis, "ani waan barreesse, barreesseera" jedhee deebise.

[23]Loltoonni sunis erga Yesuusin fannisanii booddee wayaa isaa fuudhanii akka tokko tokko Isaan ga'utti bakka afuritti hirmaatan; kittaa[p] isaas akkasuma godhan. Kittaan sunis hin hodhamne; olii hanga gadiittis dha'aa tokko ture.

[24]Kanaaf isaan, "koottaa hin tarsaafnuu; garuu hixaa buufannee akka inni kan eenyuu ta'u ilaallaa" waliin jedhan.

Kunis dubbiin Kitaabaa kan ,

"isaan wayaa kiyya hirmaatan;
uffata kiyyattis hixaa buufatan" jedhu sun akka raawwatamuuf[q] ta'e.

Wonni loltoonni godhanis kanuma.

[25]Fannoo Yesuusi biras haati isaa, obboleettiin haadha isaa, Maariyaam niitiin Qiliyophaatii fi Maariyaam ishiin Magdalaa dhadhaabachaa turan. [26]Yesuusis yommuu haadha isaatii fi barataa inni jaalatu sana otoo inni ishii cina dhaabatuu argetti haadha isaatiin, "yaa dubartiinana[r]; kunoo, ilma kee" jedhe. [27]Barataa sanaani, "kunoo haadha tee" jedhe; barataan sunis yeroo sanaa jalqabee gara mana isaatti ishii geesse.

### Du'a Yesuusi

*19:29,30 Kwf ⇒ Mat 27:48,50; Mar 15:36,37; Luq 23:36*

[28]Kana booddee Yesuus akka wonni hundinuu raawwate beekee akka dubbiin Kitaabaa raawwatamuuf, "nan dheebodhe"jedhe. [29]Qodaan daadhii wayinii dhangaggaawaadhaan[s] guutame tokkos achi dhaabamee ture; isaanis daadhii sana keessa ispoonjii[t]

[o]20 ykn *diratti;* [p]23 ykn *ubbaara;* [q]24 ykn *guutamuuf;* [r]26 ykn *uwwittii tana;* [s]29 ykn *hadhaawaan;* [t]29 ykn *bututtuu laaftuu*

cuuphanii damee hiisophiitti
kaa'anii afaan isaatti qaban.
[30]Yesuusis eegii dhugaatii dhan-
gaggaawaa sana fudhatee bood-
dee, "raawwateera" jedhe; mataa
buusees lubbuu isaa kenne.

[31]Guyyaan sun guyyaa qophii
ture; guyyaan itti aanus guyyaa
Sanbata addaa ture; Kanaaf akka
reeffi isaanii fannoo irra hin
oolle gochuuf jedhanii akka miilli
isaanii cabsamee fannoo irraa
gadi buufamuuf Yihuudonni
Philaaxoosin kadhatan. [32]Kanaaf
loltoonni dhaqanii miila namicha
jalqabaa, miila namicha isa waj-
jiin fannifame kaaniis cabsan.
[33]Yommuu gara Yesuusi dhu-
fanitti garuu inni du'e waan ar-
ganiif miila isaa hin cabsine.
[34]Loltoota sana keessaa inni
tokko garuu eboodhaan cinaacha
isaa waraane; yeruma sana dhiignii
fi bisaan baye. [35]Namni waan
kana arges rageesseera[u] ragaan
isaas dhugaa dha; innis akka
dhugaa dubbatu ni beeka; Inni
akka isinis amantaniif[v] rageessa.
[36]Kunis akka wonni kitaabni,
"lafee isaa keessaa tokkolleen
hin cabsamu" jedhe sun raaw-
watamuuf ta'e. [37]Kana malees
kitaabni gara biraan, "isaanis isa
waraanan sana ni ilaalu" jedha.

### Awwaalamuu Yesuusi

*19:38-42 Kwf ⇒ Mat 27:57-61; Mar 15:42-47; Luq 23:50-56*

[38]Kana booddees Yooseef namni
Armaatiyaa kan sababii Yihuu-
dota sodaateef dhossaan barataa
Yesuusi ture sun reeffa Yesuusi
fudhachuuf Philaaxoosin kadhate;
Philaaxoosis isaaf eeyyamnaan
dhaqee fudhate. [39]Niqoodimoos
inni duraan halkaniin gara Ye-
suusi dhufee tures wal-makaa
qumbiitii fi argeessa gara kiiloo
giraamii soddomii afuri ulfaatu
qabatee dhufe. [40]Isaanis reeffa
Yesuusi fuudhanii akka aadaa
awwaala Yihuudotaatti urgooftuu
waliin huccuu[w] quncee talbaa
irraa hojjatameen kafanan. [41]Bakka
Yesuus itti fannifames lafa asha-
akiltii tokkottu ture; lafa asha-
akiltii sana keessas bakka aw-
waalaa haaraya kan namni tok-
kolleen duraan itti hin awwaala-
min tokkottu ture. [42]Sababii guy-
yaan sun guyyaa qophii Yihuu-
dotaa tureef; bakki awwaalaa
sunis waan dhiyoo tureef Ye-
suusin achi kaayan.

[u]35 ykn *dhugeesse/dhugaa-ba'e;* [v]35 ykn *dhugeeffattaniif;* [w]40 ykn *woyaa*

**19:31** *Akka miilli isaanii cabsamu* - Miila yakkamtootaa burrusa guddaadhaan cabsuun gosa adabbii hamaa ture. Walumaa galatti miila qofatu cabsama ture. Yeroo tokko tokko garuu harkis ni cabsama ture. Adabbiin kun yommuu nama fannifamaa jiru irratti raawwatamutti mataa isaatiin gosa adabbii garaa jabeennaati. Garuu dhiphinni du'a fannoo kan lubbuun daftee keessaa hin baane sun waan yeroo gabaabaa keessatti raawwatuuf akka gocha araaraatti ilaalama.

### Awwaala Duwwaa

*20:1-8 Kwf ⇒ Mat 28:1-8; Mar 16:1-8; Luq 24:1-10*

**20** Guyyaa jalqaba torban
sanaa ganama barii otuma
dukkanaa'ee jiruu, Maariyaam
ishiin Magdalaa bakka[x] awwaalaa
dhaxxee akka dhagaan awwaala
sana irraa fuudhame argite.
2 Ishiinis fiigaa gara Simoon Phe-
xiroosiitii fi gara barataa dhibii[y]
Yesuus isa jaalate sanaa dhaxxee,
"Gooftaa awwaala keessaa fud-
hataniiru; eessa akka isa kaa'anis
hin beennu" jetteen.
3 Kanaaf Pheexiroosii fi barataan
inni kaan ba'anii gara awwaalichaa
dhaqan. 4 Lachan isaaniiyyuu ni
fiigu turan; barataan inni kaan
garuu Pheexiroos bira dabree
fiiguudhaan dursee bakka aw-
waalaa sana ga'e. 5 Innis gug-
guufee ilaalee huccuu* quncee
talbaa irraa hojjatame lafatti arge
malee awwaalicha keessa hin
seenne. 6 Simoon Pheexiroos
immoo isa duubaan dhufee aw-
waalicha keessa seene; huccuu
quncee talbaa irraa hojjatame
sanas lafatti arge. 7 Akkanumas
huccuu mataa Yesuusiitti maramee
ture arge; huccuun sunis kophaa
isaa dachaafamee bakka biraa
ture malee huccuu quncee talbaa
irraa hojjatame sana bira hin turre.
8 Eegasiis barataan biraa inni
jalqabatti awwaalicha bira ga'e
sun keessa seene, argees amane[z].
9 Isaan waan Kitaabni akka Ye-
suus warra du'an keessaa ka'u
dubbatu sana ammayyuu hin
hubanne tureetii.

### Yesuus Maariyaam ishii Magdalaatti Muldhate

10 Barattoonni sunis gara mana
isaaniitti deebi'an. 11 Maariyaam
garuu alaan awwaala bira dhaabat-
tee boo'aa turte; otuma boottuus
awwaalicha keessa ilaaluuf gug-
guufte. 12 Ishiinis maleekkota Waaqaa
lama kanneen uffata adaadii
uffatanii bakka reeffi Yesuusi
kaa'amee ture sana, inni tokko
mataa duraan, inni kaan immoo
miila jalaan taa'ani argite.
13 Isaanis, "dubartiinana, maaliif
boottaa?" jedhaniin.
Isiini ammoo, "Gooftaa kiyya
fudhataniiru; eessa akka isa kaa'anis
ani hin beeku" jetteen. 14 Yom-
muu waan kana dubbattee of-irra
garagaltettis Yesuusii achi dhaa-
batu argite; garuu Yesuus ta'uu
isaa hin hubanne.
15 Yesuusis, "dubartiinana, maaliif
boottaa? eenyu barbadda?" jed-
heen.
Ishiin immoo, nama bakka
ashaakiltii keessa hojjatu isa seetee,
"yaa Gooftaa, ati yoo isa fuutee
jiraatte, akka ani dhaqee fudhad-
huuf eessa akka isa keettee natti
himi "jetteen.

[x]1 ykn *fulaa;* [y]2 ykn *biraa;* [z]8 ykn *dhugeeffate* *5 ykn *woyaa*

[16]Yesuusis, "Maariyaam!" jedheen.
Ishiinis isatti garagaltee afaan
Ibraayisxiitiin, "Rabbuunii!"
jetteen. Hiikkaan isaas "Yaa
Barsiisaa" jechuu dha.
[17]Yesuusis, "ani ammallee waan
gara Abbaatti ol hin ba'iniif natti
hin bu'in; garuu obboleeyyan kiyya
bira dhaqiitii, 'ani gara Abbaa
kiyyaatiifi Abbaa keessaniitti,
gara Waaqa kiyyaatii fi Waaqa
keessaniitti ol nan ba'a' jedheera
jedhiitii isaanitti himi" jedheen.
[18]Maariyaam ishiin Magdalaas
gara barattootaa dhaxxee, "ani
Gooftaa argeera!" jetteen; waan
inni ishiin jedhe hundumaas
isaanitti himte.

**Yesuus Barattoota Isaatti Muldhachuu Isaa**

[19]Guyyaa jalqaba torbanichaa
sana galgala otoo barattoonni
Yihuudota sodaachuun balbala
cufatanii walitti qabamanii
jiranuu Yesuus dhufee, isaan
jidduu dhaabatee,"nageenni isiniif
haa ta'uu" jedheen. [20]Innis erga
kana jedhee booddee harka isaatii
fi cinaacha isaa isaanitti argisiise;
Barattoonnis yommuu Gooftaa
arganitti akka malee gammadan.
[21]Yesuus ammas, "nageenni
isiniif haa ta'uu; akkuma Ab-
baan na erge sana anis isin erga"
jedheen. [22]Innis eegii kana jed-
hee booddee Hafuura isaanitti
baafatee akkana jedheen; "Hafuura
Qulqulluu[a] fudhadhaa; [23]Isin yoo
namootaaf cubbuu isaanii dhiiftan[b]
isaaniif ni dhiifama; yoo isaaniif
dhiisuu baattan immoo isaaniif
hin dhiifamu."

**Yesuus Toomaasitti Muldhachuu Isaa**

[24]Yeroo Yesuus dhufetti warra
kudhanii lamaan keessaa Toomaas
inni Didimoos jedhamu tokko
barattoota waliin hin turre.
[25]Kanaaf barattoonni warri kaan,
"nu Gooftaa argineerra!" jedhanii
isatti himan.

Inni garuu,"ani bakka mis-
maaraan waraaname harka isaa
irratti argu malee, quba kiyya
bakka waraaname sana keessa
kaawu malee, harka kiyyas ci-
naacha isaa keessa kaawu malee
waan kana hin amanu" jedheen.
[26]Guyyaa saddeeti booddee
barattoonni isaa ammas manuma
sana keessa turan; Toomaasis
isaan waliin ture. Otuma bal-
balichi cufamee jiruus Yesuus ol
galee isaan jidduu dhaabatee,
"nageennii isiniif haa ta'uu" jed-
heen. [27]Innis Toomaasiin, "quba
kee asi keessa kaa'i; harka kiyyas
ilaali. Harka kee diriirfadhuutii
cinaacha kiyya keessa kaa'i;
amani malee hin mamin" jedhe.
[28]Toomaas ammoo, "Gooftaa
kiyya! Waaqa kiyya!" jedhe.

[a]22 ykn *Ayyaana Woyyuu;* [b]23 ykn *haraaramtan*

29Yesuusis, "ati waan na argiteef amante; garuu warri otoo hin argin amanan eebbifamoo dha" jedheen.

30Yesuus barattoota isaa duratti milikkitoota dhibii kanneen Kitaaba kana keessatti hin barreeffamin hedduu hojjateera.
31Kun garuu akka Yesuus inni Kiristoos Ilma Waaqayyoo ta'e akka amantaniif, amanuudhaanis akka maqaa isaatiin jireenya qabaattaniif barreeffame.

### Yesuusii Fi Dinqii Qurxummii Qabiisaa

**21** Kana booddee[c] Yesuus ammas galaana Xibriyaadoosi biratti barattoota isaatti muldhate; haalli inni ittiin uf muldhises akkana ture;
2Simoon Pheexiroosi, Toomaas inni Didimoos jedhamu, Naatinaa'el namichi qaanaa Galiilaa, ijoolleen Zabdeewoosiitii fi barattoonni biraa[d] lama wal- bira turan.
3Simoon Pheexiroosis, "ani qurxummii qabuu nan dhaqa" isaaniin jedhe; isaanis, "nus si wajjiin dhaqna" jedhaniin. Gadi ba'aniis hoboloo[e] yaabbatan; halkan sana garuu womaa hin qabne.

4Akkuma lafti bari'eenis Yesuus qarqara galaanichaa dhaabachaa ture; barattoonni garuu akka inni Yesuus ta'e hin hubanne.

5Innis isaan waamee, "ijoolle, qurxummii tokkollee hin qabdanii?" jedhee gaafate.

Isaan ammoo, "hinqabnu" jedhanii deebisan.

6Innis, "xaxoo[f] keessan karaa mirga hobolootiin gadi darbadhaa; qurxummii ni argattuu" jedheen; isaanis xaxoo sana gadi darbatan; sababii baay'inna qurxummiitiifis xaxoo sana harkisuu dadhaban.

7Barataan inni Yesuus isa jaalachaa ture sunis, "inni Gooftaadha!" jedhee Pheexiroositti hime; Simoon Pheexiroos ammoo yommuu "inni Gooftaa dha" jechuu isaa dhagayetti waan qullaa isaa tureef, wayaa isaa marxifatee bishaanitti gadi utaale.
8Barattoonni kaan garuu waan qarqara galaanaa irraa dhundhuma dhibba lamaa caalaa hin fagaatiniif xaxoo qurxummiin keessa guute sana harkisaa hoboloon dhufan.
9Yommuu lafa gogaatti ba'anittis ibidda cilee kan qurxummiin irra jiruu fi buddeena achitti argan.

10Yesuusis, "mee qurxummii amma qabdan irraa waa fidaa!" isaaniin jedhe.

11Simoon Pheexiroosis hoboloo sana yaabbatee xaxoo qurxummii gugurdaa dhibba tokkoo fi shantamii sadiin guutame sana gara lafa gogaatti harkise; xaxoon sunis qurxummii akkas baay'attuun

[c]1 ykn *duuba;* [d]2 ykn *dhibiin;* [e]3 ykn *bidiruu;* [f]6 ykn *xuruuraa/kiyyoo*

guutamullee hin tarsaane. 12Ye-
suusis, "koottaa ciree[g] nyaadhaa!
"isaaniin jedhe. Barattoota kees-
saas, namni ija jabaatee[h] ati ee-
nyu?" jedhee isa gaafate tokkoy-
yuu hin turre; isaan akka inni
Gooftaa ta'e beekaniiruutii. 13Ye-
suusis dhufee buddeena sana
fuudhee isaanii kenne; qurxum-
michas akkasuma godhe.14Egaa
Yesuus erga du'aa kaafamee
kanaan walitti yeroo sadaffaa
barattoota isaatti muldhachuu
isaa ti.

**Yesuus Pheexiroosin Gaafii Gaafachuu Isaa**

15Yesuus erga ciree nyaatanii
booddee Simoon Pheexiroosiin,
"Yaa Simoon Ilma Yohaannisi,
ati warra kana caalaa na jaalat-
taa?" jedhe.

Innis, "eeyee, yaa Gooftaa; akka ani si jaaladhu atuu ni beetta" jedheen.

Yesuusis, "ilmoolee hoolaa[i] kiyyaaf nyaata kenni" jedheen.

16Yesuus ammallee, "yaa
Simoon ilma Yohaannisi, ati na
jaalattaa?" jedhe.

Innis deebisee, "eeyee, yaa Gooftaa, akka ani si jaaladhu atuu ni beetta" jedhe.

Yesuus ammoo, "hoolota[x] kiyya tissi " jedheen.

17Yeroo sadaffaasi, "yaa Simoon
ilma Yohaannisi, ati na jaalattaa?"
jedhe.

Pheexiroosis sababii Yesuus yeroo sadaffaa, "ati na jaalattaa?" jedhee isa gaafateef gaddee[j], "Yaa Gooftaa; ati waan cufa beetta; akka ani si jaaladhus ni beetta" jedheen.

Yesuusis akkana jedheen;
"hoolota kiyyaaf nyaata kenni.
18Ani dhuguma sitti nan hima;
ati yeroo dargaggeessa turtetti,
ofuma keetiin mudhii[k] kee hid-
hattee lafa barbaadde dhaxxa
turte; Yeroo dulloomtutti garuu
harka kee nidiriirfatta; namni
dhibiinis mudhii kee sii hidhee
lafa ati hin barbaannetti si geessa.
19Yesuusis akka Pheexiroos du'a
akkamiitiin Waaqa ulfeessu
agarsiisuuf jedhee waan kana
dubbate; kana booddees, "na
faana bu'i" jedheen.

20Pheexiroosis gargalee otoo
barataan inni Yesuus isa jaalatu
sun isaan faana bu'uu arge;
barataan kunis isa yeroo irbaataatti[l]
laphee Yesuusiitti maxxanee,
"Yaa Gooftaa, inni dabarsee si
kennu eennu?" jedhe sanaa dha.
21Pheexiroosis yommuu isa argetti,
"yaa Gooftaa, namichi kun hoo?"
jedhee Yesuusin gaafate.

22Yesuusis deebisee, "hanga ani
dhufutti akka inni jiraatu yoo
fedhii kiyya ta'e, maaltu si

[g]12 ykn *golola ganamaa;* [h]12 ykn *garaa jabaatee;* [i]15 ykn ooliyyee; [j]17 ykn *laaleffate;* [k]18 ykn *hidhaana;* [l]20 ykn *golola halkanii*

dhibe? Ati na faana bu'i" jed-
heen. 23Kanaaf oduun, "baratаan
kun hin du'u" jedhu obboleeyyan
jidduutti odeeffame; Yesuus
garuu, "hanga ani dhufutti akka
inni jiraatu yoo fedhii kiyya ta'e
maaltu si dhibe?" jedhe malee,
"inni hin du'u" hin jenne.
24Inni dubbii kana dhugaa
ba'u[m], kan waan kanas barreesse
barataadhuma kana; akka dhuga
ba'iisi isaas dhugaa ta'es nu
beenna.
25Akkasumas Yesuus waan
biraa baay'ee hojjateera; otoo
tokkoon tokkoon isaanii barreef-
famanii jiratanii, ani waan ad-
dunyaan mataan ishiilleen ki-
taabota barreeffaman sanaaf bakka
ga'u qabdu hin se'u.

[m]24 ykn *dhugeessu/ rageessu*